# Afaan Oromoo

# (Akka Afaan Lammaffaatti)

# Qajeelcha Barsiisotaa

# Kutaa 7

**Barreessitoota**

Abaadir Abraahim

Taaddasaa Deettii

**Gulaaltota**

Gosaa Buraayyuu

Tsahaay Baay'isaa

**Madaaltota**

Abdiisaa Gannatii

Dastaa Taaddagaa

**Giraafiksii**

Taaddasaa Dinquu

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Jimmaatiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gartokkeen maxxansiisuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

# Baafata

**Qabiyyee** Fuula

SEENSA WALIIGALAA...........................................................................................iv

BOQONNAA 1: GADAA (Wayitii 8) ..........................................................................1

BOQONNAA 2: GOOTUMMAA DUBARTOOTAA (Wayitii 8)............................7

BOQONNAA 3: NAANNOO KEENYA (Wayitii 8) ................................................13

BOQONNAA 4: SEENAA DHUUNFAA(Wayitii 8)................................................21

BOQONNAA 5: SHEEKKOO (Wayitii 8) ................................................................29

BOQONNAA 6: NYAATAAFI DHUGAATII QOPHEESSUU (Wayitii 8) ...........37

BOQONNAA7: FALMII (Wayitii 8) ..........................................................................43

BOQONNAA 8: MOBAAYILA (Wayitii 8) .............................................................48

**Seensa Waliigalaa**

Qajeelchi barsiistotaa kun barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniif sirna barnootaa haaraa qophaa'e hojiirra oolchuuf barsiistota qajeelchuuf kan qophaa'edha. Sirni barnootaa Afaan Oromoo kutaa 7^ffaa^ haaraan kunis, silabasiiMinisteerri Barnootaa Hammattoo Sirna Barnootaa Barnoota Waliigalaa Itoophiyaa bu'uura godhachuun qopheesserraa gara qabatama naannoo Oromiyaatti akka madaqu taasisuun kan qophaa'eedha.

Xiyyeeffannoon sirna barnootaa kanaa barattoonnidanddeettiiwwan afaanii kanneen ijoo ta'an (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu) horachuun/ dagaagfachuun afaanichaan barreeffamaafi dubbiin akka waliigalteef itti fayyadaman taasisuudha. Haaluma kanaan, kaayyoo ijoon sirna barnootaa Afaan Oromoo kutaa 7^ffaa^kun barattoonni dandeettii, beekumsaafi gahumsa afaan lammaffaarratti gulantaa kanatti barbaachisu akka gonfatan gochuun jiruufi jireenya keessatti akka itti fayyadamniifi jiruufi jireenya isaanii keessatti akka milkaa'an taasisuudha.

Kaayyoo kana haala barbaadamuun galmaan gahuuf kitaaba barattootaa boqonnaalee gurguddoo saddeetitti qooduun bifa dandeettiiwwan afaanii isaan ijoofi xixiqqaa gonfachiisuu danda'amuun qophaa'eera.Tokkoon tokkoon boqonnaa jalatti ammoo, barannoowwan adda addaatu jiru. Isaanis,dhaggeeffachuufi dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, fayyadama jechootaa, caaslugaa, afoola fa'i.

Qajeelchi barsiisaas kaayyoo, qabiyyee, mala baruufi barsiisuuirratti odeeffannoo ga'aafi barbaachisaa ta'an dhiyeessuun kitaaba barattootaatti fayyadamuufi Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuuf haala mijeessa.Barsiisonnis hanga danda'ametti tooftaalee sissi'eessaa garagaraatti fayyadamuun barnoonni gammachiisaafi bu'a qabeessa ta'uu isaa barattoonni akka hubatan taasiisuu qabu.

**Dandeettiiwwan afaanii**

**I) Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

Barnoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratamu keessatti dandeettiin dubbachuufi dhaggeeffachuu xiyyeeffannoo guddaa argachuu qabu.Bu'uuruma Kanaan, kitaaba kana keessatti shaakala adda addaa jalatti dhiyaatanii jiru.Kitaaba barattootaa keessatti gilgaalonni garagaraa dandeettiiwwan kana shaakalsiisuuf dhiyaatanillee, barsiisonni kana qofarratti osoo ofhindaangessin shaakala garagaraa qopheessuun (waliin

dubbii garagaraa qopheessuun) ogummaawwan akka gabbifatan taasisuun barbaachisaadha.

Barsiisaan Afaan Oromoo kanneen armaan gadii keessatti akka barattoonni dammaqinaan qooda fudhatan jajjabeessuu qaba.

- Afaanichaan barattoota fuuldura ba'anii bilisaan dubbachuu shaakalsiisuu
- Marii garee
- Sagantaa gaaffiifi deebii keessatti qooda fudhachiisuu
- Falmii gaggeessuufi kanneen kana fakkaatan

### II) Dubbisuufi Barreessuu.

Barattoonni barnoota afaan lammaffaa keessatti ogummaawwandhaggeeffachuu,dubbachuu, dubbisuufi barreessuu sagantaa idilee keessatti mana barumsaatti shaakaluu eegalu. Kanaafuu, waa'ee ogummaawwan kanneen ilaalchisee muuxannoon isaan qaban muraasa yookaan hinjiru waan ta'eef,brattoonni ittiin of gammachiisuufis ta'ee shaakala dareetti taasifamu keessatti carraa dhagaggeeffachuu,dubbachuu, barreessuufi dubbisuu wal-qabate argachuu qabu. Haalli barattoonni daree keessatti sagalee ol fuudhaniifi callisaan dubbisan jiraachuun barbaachisaadha.

Akkasumas, akka barattoonni barruu kalaqaa garagaraa kanneen akka seenessaa, faaruu, sheekkoo, xalayaafi asoosama gabaabaa dubbisuu jalqabarraa kaasee jajjabeessuun ga'ee barsiisotaati.

**Mala baruu barsiisuu waliigalaa**

Malli baruu barsiisuu waliigalaa filatamaan kan barattoota giddu-galeessa taasifateefi hirmaachisaa ta'edha. Barsiisonni akka barattoonni hirmaatan kan haala mijeessan malee kan ofii waa mara dhiyeessan miti. Kun ammoo, akka barattoonni ogummaawwan barbaachisoo ta'an wal simsiisanii akka gabbifatan kan taasisuudha. Malleen baruu barsiisuu kanaa gaditti dhiyaataniifi malleen si'aayinaan barachuu biroos fayyadamuun nidanda'ama.

- Marii……
- Gaaffiifi deebii
- Hojii garee
- Agarsiisuu
- Mala jechaafi gochaan agarsiisuu

- Falmii
- Diraama
- Gahe Taphachuu

**Mala Marii**

Malli kun marii barattootaafi barsiisaa akkasumas, barattootaafi barattoota gidduutti yaada wal jijjiiruun akka geggeeffamu taasisa. Barsiistonni mata duree dhiyeessuun akka barattoonni irratti mariiyatanii yaada itti laatan, falman, deebii laatan, mormaniifi deeggaran taasisa.Marii isaanii kanas niqindeessa.Kun ammoo, barattoonni ogummaawwan gurguddoo afaanii cinatti ogummaa gadi fageenyaan yaaduu, ogummaa gareefi namootaan waliin hojjechuufi ogummaa yaada dhiyeessuu akka gabbifatan gargaara.

**Mala Gaaffiifi Deebii**

Mala kana keessatti barsiisonni gaaffiiwwan garagaraa fayyadamuun shaakala dhiyaateef akka barattoonni ogummaawwan barbaachisan gabbifatan taasisa. Gaaffiiwwan barattoonni kaasaniis nideebisu. Barsiisonni akka barattoonni karaa garagaraatiin yaaduun qabiyyees ta'e uunkaa barnootaa argaan irratti gaaffii kaasan jajjabeessuun haala mijeessa.Barsiisonni gaaffiiwwan akka barattoonni yaada kaasan taasisuu ykn gaaffiiwwan deebii tokkoofi tokkoo ol qabachuu danda'an haala barbaachisaa keessatti gaafachuun dhimma itti baha.

**Mala Jechaafi Gochaan Dhiyeessuu**

Asitti barattoonni sochaalee qaama isaanii dhimmichaan walitti qindeessuun dhiyeessuuf qindaa'u.Gilgaalonni haala kanarratti qophaa'an walaloo, hibboofi jechoota dubbachuurratti arraba namaa sakaalan dhiyeessuun barsiisotas ta'ee barattoonni dhimma itti bahu. Barsiisonni akka barattoonni gareen yookaan cimdiin akkasumas dhuunfaan dhiyeessan affeeruun filannoonakkasii kenamuufii qaba.

**Hojii Garee (Marii)**

Hojjin garee mala baratoonni gareedhaan ta'uun dhimma kennameef tokkorratti yaada mataa isaanii mormuun yookaan deeggaruun itti ibsaniidha.

# BOQONNAA 1: GADAA

**(Wayitii 10)**

**Bu'aalee barachuu**

**Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:**

- barreeffama dubbifamuuf dhaggeeffatanii gaaffilee nideebisu;
- waliin dubbii fayyadamuun gahee nitaphatu;
- jechoota ciccimoo gahumsaan nidubbisu;
- walqabsiiftota iddoo sirriitti galchuun keeyyata niguutu;
- jechoota adda addaaf hiika walfakkaataafi faallaa nikennu;
- maxxantoota jechootatti nimaku;
- maxxantoota jechootarraa adda nibaasu;
- faaruu loonii faarfatanii nidinqisiifatu.

**Qabiyyeewwan boqonnaa kanaa**

1. Dhageeffachuufi dubbachuu (waytii 3)
2. Jechoota ciccimoo dubbisuu (waytii 2)
3. Fayyadama jechootaa (waytii 1)
4. Barreessuu (Wayitii 2)
5. Caasluga waytii 1)
6. Afoola (waytii 1)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- ✓ Dubbisa dhaggeeffachuuf deeman tilmaamuu nidanda'u;
- ✓ Dubbisa dubbifamuuf dhaggeeffatanii gaaffilee nideebisu;
- ✓ Waliin dubbii taasifamu hordofuun gahee nitaphatu.

**Ga'**

✍ ...otaa

✍ ...akka

✍ Gaaffilee gilgaala 1 jalatti dhihaatan harka baasuun afaaniin akka deebisan qaceelchuu;

- ✍ Barattoonni dubbisa dhageeffachuun dura gaaffilee gilgaala 2 jala jiran barruu isaaniirratti garagalfatanii akka adda baafatan gochuu;
- ✍ Dubbisa 'Haadha Siinqee' jedhu kan gaditti dhiyaate si'a sadi barattootaaf dubbisuu, jalqaba ariitiin dubbisuu. Itti aansuun suuta dubbisuun barattoonni dhageeffachaa iddoo duwwaa gaaffilee gilgaala 2 jala jiran akka guutan taasisuu;
- ✍ Dubbisa dhageeffatan irratti hundaa'uun himoota gilgaala 3 jala jiran 'Dhugaa' yokiin 'Soba' jechuun dhunfaan akka deebisan gochuu. Xumura irratti deebii isaanii miiltoo waliin walbira qabanii akka madaalan jajjabeessuu;
- ✍ Gaaffilee dhageeffachuun duraa afaaniin, gaaffilee yeroo dhageeffachuufi dhageeffachuun boodaa ammoo, barreeffamaan deebisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.

**Haadha Siinqee**

Sirni Gadaa kan ummanni Oromoo dur ittiin bulaa tureefi dimokraatawaa ta'uu isaa ragaaleen agarsiisan hedduudha. Kanneen keessaa inni tokko walqixxummaa kornayaati. Sirni Gadaa seera siinqee jedhu tumuun mirga dubartootaa kabachisiisa. Siinqeen ulee qal'oo baay'inaan muka harooressaa irraa murame tolfamu yoo ta'u, dubartii heerumteef kennama. Siinqeen mallattoo birmadummaa yookaan uumamaan bilisa ta'uu dubartii agarsiisa. Waan kana ta'eef, dubartoonni siinqee fayyadamanii mirga haadha warrummaafi hawaasummaa qaban tikfatu.

Dubartiin siinqee qabattee deemtu Haadha Siinqee jedhamti. Haati Siinqee ulfina, kabajaafi aangoo qabdi. Fakkeenyaaf, hayyama ishii malee karaa dura qaxxaamuruus ta'ee laga cee'uun dhoorkaadha. Haati Siinqee miidhaa abbaa warraa irraa dubartii baraaruu; lola dhaabuu, hoomaa waraanaa eebbisuu, araara kadhachuu, daa'ima guddifachuufi cubbuu baasuu keessatti gahee niqabdi. Kanarraa kan ka'e, Siinqeen waraana dubartiiti jedhama. Dubartiin yeroo mara siinqee qabattee hindeemtu, yoo qabatte garuu akka uleetti hindhadhaabbattu horiis ittiin hinhaleeltu.

**Deebii gilgaalaa 1**

1. Siinqee, margaafi qabee harkatti qabattee jirti.
2. Deebiin murtaa'e hinjiru, kanaaf deebii barattoonni kennan mara harkaa fuudhaa.

**Deebii gilgaala 2**

1. Seera Siinqee
2. Harooressa
3. Kabajaa
4. Gaheen Haadha Siinqee; miidhaa abbaa warraa irraa dubartii baraaruu; lola dhaabuu, hoomaa waraanaa eebbisuu, araara kadhachuu, daa'ima guddifachuufi cubbuu baasuu kan jedhan keessaa lama yoo barreessan gahaadha.

**Deebii gilgaala 3**

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. Soba
4. Dhugaa

**Madaallii**

- ✓ dubbisa dhaggeeffachuuf deeman tilmaamuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ dubbisa dubbifamuuf dhaggeeffatachaa gaaffilee deebisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ gaaffilee dubbisaan boodaa hojjachuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.

**Gilgaala 4 (waytii 1)**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

☞ Gahee taphachuun waliin nidubbatu

**Ga'e**

- ✍ Barattoota cimdiin qindeessuun waliin dubbii gilgaala 4 jalatti dhiyaate kitaabarraa dabareen gahee Giiftiifi Caaltuu bakka bu'uun waliif dubbisuu.
- ✍ Itti aansuun barattoonni waliin dubbii nama gahee bakka bu'anii callisaan dubbisanii qamatti akka qabatan deeggaruu,
- ✍ Xumurarratti waliin dubbii dhiyaate qomarraa ga'ee Giiftiifi Caaltuu taphachuun akka waliin dubbachuu shaakalan qaceelchuu.
- ✍ Barattoonni waliin dubbii dhiyaate fayyadamanii waliin dubbachuu danda'uu hordofuun mirkaneessuu

**Barannoo 2: Dubbisuu**

**Barannoo kana booda barattoonni:**

- Jechoota ciccimoo irra deddeebiin gahumsaan dubbisuu nidanda'u;
- Jechoota birsagatti qoqqooduun dubbisuu nidanda'u.

dhihaatan gahumsaan dubbisuu akka shaakalan fakkeenyaafi qaceelfama ifa ta'e kennuu.

- Barattoonni jechoota ciccimoo gahumsaan dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kennuu

**Deebii gilgaala 5**

Jechoota dhihaatan barattoonni sagalee osoo hindogoggorre dubbisuu isaanii mirkaneeffachuu

Jechoota sagalee akka 'c' fi 'dh' qaban irratti xiyyeeffannaa kennuun jechoota dubbisuu mirkaneessuu

**Madaallii**

- ✓ jechoota ciccimoo irra deddeebiin gahumsaan dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ jechoota birsagatti qoqqooduun dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ birsaga walitti makuun dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.

**Barannoo 3: Barreessuu**

**Gilgaala 6**

**Barannoo kana booda barattoonni:**

- Walqabsiiftota fayyadamuun keeyyata niguutuu;
- Jechoota birsaga tokkoofi lama qaban adda baasuun dubbisuu nidanda'uu

**Ga'e**

- Barattoonni walqabsiiftota iddoo sirritti galchuun keeyyata guutuu danda'uu isaanii hordofuun deeggarsa kennu
- Barattoonni Walqabsiiftota iddoo sirritti galchuun keeyyata guutuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kennuu

- ✍ Jechoota birsaga 1 fi 2 qaban kan kitaaba barataarratti dhiyaate cimdiin barattoonni akka adda baasanii gabatee keessatti toora tooran barreessan qajeelchuu
- ✍ Jechoota birsaga 1 fi 2 qaban fakkeenya kennuun jechoota walfakkaataa 6 akka barreessan hojii daree kennuu
- ✍ Barattoonni jechoota birsaga 1 fi 2 qaban barreessuu danda'uu isaanii hojii daree soroorsuun duub-deebii kennuu

**Deebii Gilgaala 6 A**

fi ……… ta'us ……….Fakkeenyaaf…. Garabiraatiin…. yokiin

**Deebii gilgaala 6B**

**Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa**

| Jechoota birsaga tokkoo | Jechoota birsaga lamaa |
|---|---|
| Fkn. Loon | Fkn. Isin |
| nu | nama |
| bor | torba |
| deem | raaree |
| shan | kute |

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- ☞ Jechoota hiika walfakkaataa qaban walitti nifiroomsuu;
- ☞ Jechootaaf hiika faallaa kennu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu;**

- ✍ Barattoonni jechoota hiika walfakkiifi faallaa akka krennan fakkeenya kennuu agarsiisuufi akka hojjatan qajeelchuu
- ✍ Barattoonni jechoota hiika walfakkiifi faallaa qaban akka adda baafataniif hordofuufi iddoo barbaachisaa ta'etti deeggaruu
- ✍ Barattoonni jechootaaf hiika walfakkiifi faallaa kennuu danda'uu isaanii hojii dareen mirkaneeffachuun duub-deebii kennuu

**Deebii gilgaala 7A**

1. D 2. E 3. A 4. C 5. B

**Deebii gilgaala 7B**

1. C 2. B 3. D 4. E 5. F 6. A

Madaallii

- ✓ jechoota hiika walfakkaataa qaban walitti firoomsuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ jechootaaf hiika faallaa kennuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.

**Barannoo 5: Caasluga**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Jechootatti maxxantoota dabaluun nidanoomsuu;
- ☞ Jechoota irraa maxxantuu nibaasu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu;**

- ✍ Fakkeenya kennuun maxxantoota jechootatti maxxansuun jechoota akka danoomsan qaceelchuu
- ✍ Gilgaala dhiyaate akka hojjatan qaceelchuufi deeggaruu
- ✍ Barattoonni maxxantoota dhihaatan jechootatti maxxansuun jechoota danoomsuu danda'uu isaanii haala adda addaatiin mirkaneessuufi duubdeebii kennuu

**Deebii gilgaala 8 A**

a) Laggeen
b) Saroota
c) Jabbilee
d) Faradoo
e) Saawwan

**Deebii Gilgaala 8 B.**

1. Sang**oota**
2. Biyy**oota**
3. Baratt**oota**
4. Fakkii**lee**
5. Gamoo**wwan**

**Deebii Gilgaala 8 C**

1. **Kitaaba -ilee**
2. Ardiiwwan = Ardii -wwan
3. Barsiisota = Barsiisaa - ota
4. Meeshaalee = Meeshaa -lee
5. Firoota = Fira - oota

**Madaallii**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ✓ Jechootatti maxxantoota dabaluun danoomsuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;
- ✓ Jechoota irraa maxxantuu baasuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.

**Barannoo 6: Afoola**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Walaloo faaruu loonii dubbisuun nidinqisiifatu;
- ☞ Ergaa faaruu loonii qabu nihimu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu;**

- ✍ Faaruu kitaaba barataa irratti dhiyaate faarfachuun barattootatti agarsiisuu akka faaruu faarfatan qaceelchuu
- ✍ Barattoonni faaruu faarfachuu danda'uufi dinqisiifachuu isaanii hordofuun gaaffii gaaffachuun mirkaneessuu

  **Deebii gilgaala 9B**

  1. B 2. A 3. D

  **Deebii gillgaala 9 C**

  Gilgaala kanaaf deebiin murtaawaan waan hinjirreef, barattoonni faayidaa loonii ilaalchisee haala qabatamaa naannoo isaanii irratti hundaa'uun barreeffamaan qopheessanii dareef akka afaaniin himan jajjabeessi.

# BOQONNAA 2: GOOTUMMAA DUBARTOOTAA

**(Wayitii 10)**

**Bu'aalee barachuu**

**Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:**

- barreeffama dubbifamuuf dhaggeeffatanii gaaffilee nideebisu;
- odeeffannoo dhaggeeffatan ni'ibsu;
- tarsiimolee dubbisuu adda addaa fayyadamanii odeeffanoo callaafi dimshaashaa nihimu;
- Caacculee keeyyataa fayyadamuun keeyyata seenessaa tokko nibarreessu;
- Fakkii ilaaluun jecha fakkii bakka bu'u nibarreessu;
- Jechootaaf hiikaan walitti nifiroomsita;
- Maxxantoota duraafi boodaa hundee jechaarra adda nibaasu;
- Maxxantoota duraafi boodaa jechatti nimaku;
- Hiika jechamoota nikennu.

**Qabiyyeewwan**

1. Dhageeffachuufi dubbachuu (waytii 3)
2. Dubbisuu (waytii 2)
3. Barreessuu (Wayitii 2)
4. Fayyadama jechootaa (waytii 1)
5. Caasluga (waytii 1)
6. Afoola (waytii 1)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

☞ Barreeffama dubifamuuf dhaggeeffatanii gaaffilee nideebisu;

☞ Barruu dubbifamuuf irratti hunda'uun yaada isaanii ni'ibsu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

✍ Gaaffilee dhaggeeffachuun duraa gilgaala 1 keessa jiran dhiyeessuun barattoonni muuxxannoo isaanii gara waan dhaggeeffachuuf deemaniiitti akka fidan jajabeessuu;

✍ Gaaffilee gilgaala 2 jala jiran dhaggeeffachuun dura gaaffilee dhiyaatan dabtara isaani irratti akka garagalfatan barattoota qajeelchuu;

✍ Barattoonni dubbisa dhiyaatuuf dhaggeeffachaa gaaffilee dhiyaatan akka guutanitti himuu;

- ✍ Dubbisa qajeelcha barsiisarratti waa’ee Xurunash Dibaabaa kenname si’a sadii dubbisuufi;
- ✍ Barattoonni harka baasuun deebii isaanii akka kennan jajabeessuu
- ✍ Dhuma irratti, deebii sirrii gabateerratti barressuun barattoonni akka mirkaneeffatan taasisuu.
- ✍ Gilgaala 3 garee barattoota 3A, Bfi C akka yaada irratti waljijiiraan jajabeessuu; mariin isaanii Afaan Oromootiin akka ta’uu qabu yaadachiisuu;
- ✍ Deebii isaanii harka baasanii akka deebisan jajabeessuu;
- ✍ Deebii isaanii hunda amma mata duree keessaa hinbaaneetti akka sirriitti fudhachuu.

**Xurunash Dibaabaa**

Xurunash Dibaabaa Qananii atileetii Itoophiyaa fiigicha dheeraan beekamtuudha. Xurunash bara 1985 Godina Arsii Aanaa Lemmuufi Bilbiloo magaalaa Boqqojjiitti dhalatte. Maatii ishii ijoollee 6 qabu. Xurunash maatii ishiif arfaffaadha. Xurunash kan guddatte lafa ol ka’aa godina Arsii keessatti waan ta’eef, hojii atileetiksii umrii ishii 14tti jalqabuuf kan fakkeenya taateef adaada ishee Daraartu Tulluuti. Xurunash Dibaaba dirree addunyaarratti injifannoowan hedduu yoo qabaattees injifannoon bara 2008 meetira 5,000 fi 10,000 olompiikii argatte atileetii dubaraa ishii jalqabaa ishee taasisa. Olompiikii lamarratti bara 2008fi bara 2012 walitti aansuun moo’achuun ishii atileetii dubartii cimtuu ishee taasisa.

**Deebii Gilgaala 1 A**

Deebii isaanii harkaa fuudhuun gara itti aanutti ce’aa

**Deebii Gilgaala 1 B**

A) Olompiikii = Gosa dorgommii ispoortii ta’ee kan waggoota afur afuriin qopha’u.
B) Atleetii = Nama dorgommii atileetiksii keessatti qooda fudhatu. Fakkeenyaaf kanneen akka fiigicha, utaalchaafi darbannaa keessatti.
C) Injifannoo = Moo’icha

**Deebii Gilgaala 2**

1. 1985
2. Boqojjii
3. Adaada ishee Daraartuu Tulluuti
4. 2008fi bara 2012

**Deebii Gilgaala 3 C**

Wiixata, Kibxata , Roobii, Kamisa, Jimaata, Sanbata,_Dilbata.

**Deebii gilgaala 3 D**

1. B
2. C
3. A
4. E .
5. D

**Barannoo 2: Dubbisuu**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- ☞ Muuxxannoo duraa mata duree dubbisuurratti qaban nihimu.
- ☞ Dubbisa dhiyaateef dubbisuun odeeffannoo argatan ni'ibsu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Gaaffilee dubbisuun duraa kan gilgaala 4 irra jiran gaaffachuun barattoonni maal akka itti dhagahameefi beekumsa duraa akka gara mata dureetti fidan qajeelchuu;
- ✍ Dubbisa dhiyaateef otoo hindubbisin dura gabatee Gilgaala 5 jala jiru akka barruu isaaniitti garagalfatan qajeelchuu;
- ✍ Gabatee Gilgaala 5 jala jiru dubbisaa akka guutan qajeelchuu;
- ✍ Keessa deemuun barattoonni dubbisaa akka guutan too'achuu
- ✍ Barattoonni deebii isaanii akka harka baasanii kennan qajeelchuu;
- ✍ Gaaffii gilgaala 6 gaaffachuun barattoonni harka baasanii akka deebisan jajabeessuu.

**Deebii Gilgaala 4 A**

1. Barattooonni waan itti dhagahame yaa dubbatan. Deebiin sirriin garuu, Ijjigaayyoo Dibaabaa, Masarat Daffaar, Xurunash Dibabaafi Massalechi Malkaamuti.
2. Itoophiyaa

**Deebii Gilgaala 4 B**

a) Jagnummaa (cimina)

b) Guutuu addunyaa

c) Dorgommii waggaa lama lamaan taaasifamu

**Deebii Gilgaala 5**

| Maqaa Atileetii | Iddoo dorgommii | bara | Fageenya dorgommii |
|---|---|---|---|
| Faaxumaa Roobaa | Atlaantaa | 1996 | Maaratoonii |

| | | | |
|---|---|---|---|
| Daraartuu Tulluu | Siidnii | 2000 | 10,000 |
| Almaaz Aayyanaa | Rediyoo Jeneroo | 2016 | 10,000 |
| Daraartuu Tulluu | Baarsaloona | 1992 | 10,000 |
| Masarat Dafar | Ateensi | 2004 | 5,000 |
| Xurunaash Dibaabaa | Beejing | 2008 | 5000 fi 10000 |
| Masarat Daffaar | Landan | 2012 | 5000 |
| Xurunaash Dibaabaa | Landan | 2012 | 10,000 |
| Tikkii Galanaa | Landan | 2012 | Maaratoonii |

**Deebii Gilgaala 6A**

**1, D 2. A 3. D 4. B 5B**

**Deebii Gilgaala 6B**

1. Xurunash Dibaabaa
2. Waan itti dhagahame yaa dubbatan
3. Qabxiin dubbisirachatti ibsame hundaa miti (barattoonni akka itti fakkatetti akkaataa hubataniin yaa ibsan.)
4. Barattoonni akkaataa adda addaatti gaafatanii ibsuu waan malaniif deebii isaanii irraa fuudhuun jajjabeessuun barbaachisaa ta’a. Fakkeenyaaf; Abbabaa Biqilaa, Hayilee Gabirasillaasee, Qananiisaa Baqqalaafi kkf himuu danda’u.

**Barannoo 3: Barreessuu**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Himoota walmakanii dhiyaatan sirressuun keeyyata ergaa guutu qabu ni ijaaru;
- ☞ Keeyyata jalqabame nixumuuru.

**Ga’ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Qajeelfama Gilgaala 7A jala jiru barattootaaf sirriitti ibsuu
- ✍ Tartiiba himoota kennamanii akka qajeelchan jajabeessuu keessa deemuun ilaaluun ;
- ✍ Barattoonni tartiiba sirrii akka harka baasuun himan gaafachuu;
- ✍ Tartiiba sirrii fayyadamuufi sirna tuqaalee eeganii akka barressan qajeelchuu

**Deebii Gilgaala 7A**.

1. b  2. d  3. C.  4 . a  5. e  6. f

**Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni**:

- ☞ Jechoota adda addaa hiika isaaniin walitti nifiroomsu;
- ☞ Maqaa bineeldotaa fakkiin isaanii kennaman ilaaluun nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Fakkii bineeldotaa itti agarsiisuun maqaa akka qubee sirrii ta'een barreessaan jajabessuu
- ✍ Deebii isanii harka baasuun akka kennan jajabeessuu

**Deebii Gilgaala 8 A**

**1. E  2. D  3. A  4. B  5. C**

**Deebii Gilgaala 8 B**

1. Hameessa
2. Qeerensa
3. Adurree / bashoo
4. Farda
5. Harree
6. Jaldeessa

**Barannoo 5: Caasluga**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Maxxantuu duraa jechootarraa adda nibaasu;
- ☞ Maxxantuufi hundee jechaa walitti makuun nidubbisu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Barattoonni dabtara isaaniirratti jechootarra akka maxxantuu baasan taasisuu; Fakkeenya gabateerratti barreessuu;
- ✍ Maxxantuufi hundee jechaa akka walitti fiduun sirressanii akka barrreessan gargaaruu.
- ✍ Hojiilee barattootaa hordofuun duubdeebii kennuu.

**Deebii gilgaala 9 A**

1. Ni-deemu
2. Walmaddii = Wal- maddii
3. Hinbaatu = Hin - baatu
4. Walcinaa = Wal - cina

5. Nawaame = Na -waame
6. Hinbeeku = Hin-beeku
7. Naagale = Naa-gale
8. Asgori = As-gori

**Deebii gilgaala 9 B**

1.Gaangee – olii = Gaangolii
2.Hoolaa – ota = Hoolata
3. Laga – een = Laggeen
4. Farda – oo = Faradoo
5. Ilbiisa – ota = Ilbiisota
6. sangaa- oota

**Barannoo 6: Afoola**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- ☞ Hiikaa jechamootaa himoota keessaa ni himu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Himoota kennaman keessatti jechoota gurracha'anii kennamaniif hiika akka kennan gaafachuu
- ✍ Deebii isaanii lama lamaan akka walii bira qabanii ilaalan gochuu
- ✍ Deebii isaanii harka baasuun akka kennan taasisuu.
- ✍ Deebii barattootaa harkaa fuudhuun jajjabeessuu;
- ✍ Hojiileeisaanii ilaaluun duubdeebii kennuu.

**Deebii Gilgaala 10**

1. Hamaa, kan namaa hingaddine
2. Maqaa garii qabaachuu yookaan waan gaariin beekamuu
3. Kan namaaf gadditu
4. Kan baay'ee obsu, kan dafee hinaarre
5. Dubbii isaa fudhachuu dide.
6. Hiyyeessa
7. Naan hooda yookaan na waliin hindubbatu
8. Kan qaana'u yookaan sodaataa.

# BOQONNAA 3: NAANNOO KOO

**(Wayitii 10)**

**Bu'aalee barachuu**

**Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- barreeffama dubbifamuuf dhaggeeffatanii gaaffilee nideebisu;
- muuxannoo jireenya isaanii nihimu;
- sagalee olkaasuun walaloo nidubisu;
- hiika jechoonni galumsaafi faallaa qaban nikennu;
- jechoota sagalee jabaa qaban nisagaleessu;
- mudannoo guyyaa tokko keessatti isaan qunname nibarreessu;
- garee jechootaa adda nibaasu;
- ergaa mammaaksonni qaban nihimu.

**Qabiyyee Barannoowwaniifi Wayitii**

1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu (wayitii 3)
2. Dubbisuu (wayitii 2)
3. Barreessuu (wayitii 2)
4. Fayyadama jechootaa (wayitii 1)
5. Caasluga (wayitii 1)
6. Afoola ( Wayitii 1)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

☞ barruu dhaggeeffatanii waan hubatan irra deebiin nihimuu ;
☞ yaada dhaggeeffatan irratti nidubbatu/marihatu;
☞ Cimdiidhaan hojii guyya guyyaan raawwatamurratt wallin nihaasa'u;
☞ Muuxannoo jireenya isaanii nihimu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu;**

✍ Gaaffilee dhaggeeffannaan duraa gaafachuun muuxannoo barattoota dubbisa dhaggeeffachuu deeman irratti kaka'umsa uumuu.
✍ Barattoonni dubbisa dhageeffachuuf deeman irratti kaka'umsa akka horatan taasisuu
✍ Gaaffilee gilgaala 1 jalatti dhihaatan harka baasuun akka deebisan qaceelchuu

- ✍ Gaaffilee gilgaala 2 jala jiran dubbisa dhageeffachuun dura barattoonni barruu isaaniirratti garagalfatanii akka hubatan gochuu
- ✍ Dubbisa 'Muuxannoo barataa Abdataa'jedhu kan gaditti dhiyaate si'a sadi barattootaaf dubbisuu, jalqaba ariitiin dubbisuu . Itti aansuun suuta dubbisuun barattoonni dhageeffachaa iddoo duwwaa gaaffilee gilgaala 2 jala jiran akka guutan taasisuu.
- ✍ Dubbisa dhageeffattan irratti hundaa'uun himoota gilgaala 3 jala jiran ' irratti marihadha.
- ✍ Gaaffilee dhageeffachuun duraa afaaniin, gaaffilee yeroo dhageeffachuufi dhageeffachuun boodaa ammo barreeffamaan deebisuu danda'uu isaanii mirkaneessuufi duubdeebii kennuu.
- ✍ Waliin dubbii gilgaala jalatti dhiyaate barattoonni lama lamaan gahee barattootaa irra deddeebiib akka walii dubbian gochuu
- ✍ Itti aansuun barattoonnii waliin dubbii qomatti qabatanii qomarraa akka waliin dubbatan gargaaruu, hordofuufi qaceelchuu
- ✍ Barattoonni waliin dubbii haala barbaadamuun qomatti qabatanii cimdiin haasa'uu danda'uu isaanii hordofuun mirkaneeffachuu.

**Muuxannoo Barataa Abdataa**

Abdataan barataa kutaa torbaati. Mana barnootaa Abdii Boruu jedhamutti barata. Barnoota isaatti cimaa waan ta'eef guyyuu ganama bariin ka'ee gara mana barnootaa deemuuf qophii taasisa. Akkuma barii hirriba irraa ka'een, gara mana fincaanii deema; achii deebi'ee fuula isaa dhiqatee yuniifoormii uffata; rifeensa isaa filata. Kana booda, kitaabaafi dabtara erga qopheeffatee booda ciree isaa nyaatee gara mana barnootaa isaa deema. Mana barnotaa ga'uuf daqiiqaa 20 iitti fudhata.

Abdataan mana barnootaa isaa, barsiisotaafi hiriyoota isaa baay'ee jaalata. Abdataan daree barnootaa keessatti amalaan fakkeenyummaa gaarii qaba. Barumsaanis qaxaleedha. Barumsa daree si'aayinaan hordofa; hojii dareefi manaa yeroon raawwata. Kanaafuu, hawaasa mana barnootaabiratti baay'ee jaalatama.

Abdataan yeroo mana barnootaatii bahee manatti deebi'u laaqana isaa nyaatee daqiiqaa 30f boqota. Sana booda, maatii isaa hojii gargaara. Gara galgalaa immoo, xinnoo hiriyoota isaa wajjin kubbaa taphata. Halkan irbaata nyaatee hojii manaa hojjatee qu'ata. Dhumarratti, sa'aa 4 yoo ta'u nirafa.

**Deebii gilgaala 1**

1. Fakkiin dhiyaate ganama ta'uu agarsiisa
2. Barataan gaaffii kana waan isatti fakkaate deebisuu danda'a kanaafuu deebi hunda harkaa fuudhi.
3. Jechoonni sadan hiika walitti dhihaatu ykn walfakkaatu qabu. Kanaafu, barii jechuun yeroo lafti bari'u dukkanni gargar saaqamu ta'ee, barraaqa jechuun immoo yeroo biiftuun ba'uuf quuqxu akka ta'eefi ganama jechuun immoo, akkuma aduun baateen erga ifee booda jechuu akka ta'e adda bbasuun itti himi.

**Deebii gilgaala 2**

1. 7
2. Abdii Boruu
3. 20
4. Daqiiqaa 30

**Deebii gilgaala 3 A**

1. Barattoonni kanneen asii gadii keessaa muraasa yoo himan akka deebii sirrii ta'etti fudhachuun jajjabeessi.

Abdataan guyyuu ganama bariin ka'ee:

- Gara mana barnootaadeemuuf qophii taasisa.
- Akkuma barii hirribarraa ka'een, gara mana fincaanii deema;
- Achii deebi'ee fuula isaa dhiqata;
- Yuniifoormii uffata;
- Rifeensa isaa filata.
- Kitaabaafi dabtara erga qopheeffata
- Ciree isaa nyaata
- Gara mana barnootaaisaa deema.

2. Hawasni mana barnootaakan isaan Abdataa jaalatniif:

- Abdataan mana barumsa isaa, barsiisotaafi hiriyoota isaa baay'ee waan jaalatuuf;
- Daree barnootaa keessatti amalaan fakkeenyummaa gaarii waan qabuuf;
- Barnootaanis qaxaleewaan ta'eef;
- Barnoota daree si'aayinaan waan hordofuuf;
- Hojii dareefi manaa yeroonwaan raawwatuuf isa jaallatu.

3. Barattooonni odeeffannoo waa'ee Abdataa irra deebi'uun hamma tokko yoo himan harkaa fuudhuun jajjabeessi.

**Deebii Gilgaala 3 B**

Kaayyoon gaaffii gilgaala kanaa barattoonni afaan fayyadamanii akka dubbatan taaasisuudha. Kanaafuu Barattoonni gochaalee ganama irra jalqabanii hojjatan irratti marii geggeessuu danda'uu isaanii hordofuufi mirkaneessuu

**Deebii gilgaala 3C**.

Barattoonni waliindubbii dhiyaate dubbisuun waliin dubbii akka shaakalan taasisi.

**Barannoo 2: Dubbisuu**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Sagalee olkaasuun walaoo dubbisuu nidanda'u;
- ☞ Ergaa walaloo dubbisanii himuu nidanda'u;
- ☞ Jechoota sagalee jabaa qaban dubbisuu nidanda'u.

**Ga'ee Barsiisa/tuu;**

- ✍ Barattoonni walaloo dhiyaate sagalee olkaasuun akka dubbisan kaayyoo dubbisaafi qaceelfama ifa ta'e kennuu
- ✍ Barattoonni walaloo jalqaba gareen akka walii dubbisan gochuun dhumarratti sagalee olkaasanii dareef akka dhiheessan taasisuu.
- ✍ Walaloo irratti hundaa'uun hiika jechoota dhihaataniif kennu akka danda'an fakkeenya kennuun deeggaruu
- ✍ Jechoota saagalee jabaa qaban dhaggeeffachuun irra deebi'anii akka sagaleessan taasisuu
- ✍ Barattoonni walaloo sagalee olkaasanii sirrummaan dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kennuu
- ✍ Barattoonni jechoota sagalee jabaa qaban sagaleessuu danda'uu isaanii hordofuun mirkaneessuu

**Deebii gilgaala 4A**

1. Barattoonni walalaoo dubbisanii beekuu isaanii ilaalchisee muuxannoo qaban akka ibsan jajjabeessi.
2. Walaloon amala yeedaloo qabaachuun kan dubbifamuufi akka barreeffama holoolootti kan hindubbifamne ta'uu isaa ibsa kenniif.

**B. Hiika jechoota dhiyaatanii tilmaami.**

a)doofummaa = walaalummaa
b) samii = waaqa yookaan hawaa
c) daawwachuu = waan tokko ilaaluu

**Deebii gilgaala 4 C**

Walaaloon akkaataa dubbifamuun sagaleessanii yookaan haala yeedaloo qabuun akka dubbisan jajabeessi. Barattoonni dabaree dabareen akka dubbisan carraa kenniif.

**Deebii gilgaala 5**

**A. Jecha Hiika kallattii**

1. Ba'eessa = mishaa/ gaarii
2. Doofummaa = wallaallummaa
3. Hiyyeessa = harka qalleeyyii
4. Sooressa = dureessa/qabaataa
5. Kaate = fiige/arreede
6. Samii = Hawaa/ bantii waaqaa

B. **Jecha Hiika faallaa**

1. Ba'eessa = gadhee/ badaa
2. Doofummaa = beekumsa
3. Hiyyeessa = sooressa/dureessa
4. Sooressa = hiyyeessa
5. Kaate = tirate
6. Samii = lafa / dachee

**Deebii gilgaala 6A**

| | | | |
|---|---|---|---|
| hare | harre | aannan | aanaa |
| Soda | soddaa | gaalee | galle |
| bobaa | bobbaa | jala | jallaa |
| adda | aadaa | gubbaa | gubaa |

**Deebii gilgaala 6B**

**1. B 2. A 3. A 4. B**

**Barnnoo 3: Bareessuu**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ mudannoo isaanii guyya guyyaa nibarreessu;
- ☞ jechoota waliin deeman walitti firoomsuu nidanda'u.

**Ga’ee Barsiisaa/tuu;**

- ✍ fakkeenya barreeffama dhiyaatee fayyadamuun mudannoon guyyaa guyyaan akkaataa itti barreeffamu hubachiisuu;
- ✍ barattoonni gochaalee guyyaa darbe keessatti raawwatan akka barreessan hojii daree kennuu;
- ✍ barattoonni jechoota hariiroo waliin qaban akka barbaadan fakkeenya kennuun agarsiisuu;.
- ✍ Barattoonni barreeffama mudannoo isaanii kan guyyaa tokkoo barreessuu danda’uu iaanii hojii daree sororsuun mirkaneeffachuufi duub-deebii kennuu;
- ✍ Barattoonni jechoota hariiroo qaban waliin barbaadanii walsimsiisuu isaanii hojii daree kenname sororsuun mirkaneeffachuu.

**Deebii gilgaala 7**

Barattoonni keeyyata akka moodeelaatti dhiyaate hordofanii keeyyata oolmaa isaanii guyyaa kaleessaa ibsu barreessuu danda’uu isaanii mirkaneessuu.

**Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- ☞ jechoota hariiroo waliin qaban walsimsiisuun barreessuu nidanda’u;
- ☞ jechoota waliin deeman walitti firoomsuu nidanda’u.

**Ga’ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Barattoonni jechoota hariiroo waliin qaban akka kennan qajeelchuu;
- ✍ Barattoonni jechoota dhiyaataniif hiika kallattii kennuu akka shaakalniif hojii daree kennuu;
- ✍ barattoonni jechoota hariiroo waliin qaban akka barbaadan fakkeenya kennuun agarsiisuu;.
- ✍ Hojiilee barattootaa sororsuun mirkaneeffachuufi duub-deebii barbaachisu kennuu;

**Deebii Gilgaala 8 A**

| | | |
|---|---|---|
| **B** | 1. Ilkaan | A) lulluuqachuu |
| **A** | 2. Afaan | B) rigachuu |
| **D** | 3. Qaama | C) Qorachuu |
| **C** | 4. Qeensa | D) dhiqachuu |
| **F** | 5. Rifeensa | E) miichachuu |
| **E** | 6. Uffata | F) filachuu |

**Deebii Gilgaala 8 B**

Fakkeenya: Lukkuun= iyye, kaakkiste,…

1. Waraabessi= niyuusa
2. Sangaan = nibarooda
3. Korma = nibookkisa
4. Hameessi = nimar'ata
5. Fardi = nihimimsa
6. Qamaleen = niqasaati
7. Weennii = nikorrisa
8. Simbirri = niwacci

**Barannoo 5: Caasluga**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- ☞ maqaafi gochimaadda nibaasu;
- ☞ maqaafi gochima fayyadamuun himoota ni'ijaaruu.

**Ga'ee Barsiisa/tuu;**

- ✍ Barattoonni fakkeenya kenname hordofuun maqaafi gochima himoota keessaa adda baasuu
- ✍ Maqaafi gochima sanduuqa keessatti walmakatee kitaaba barataarratti dhiyaate barattoonni lama lama ta'uun mari'achaa akka adda baasan qajeelchi.
- ✍ Barattoonni jechootaafi himoota keessaa maqaa fii xumura hubatanii adda baasuu danda'uu isaanii gaaffii adda addaatiin mirkaneessuufi duubdeebii kennuu

**Deebii Gilgaala 9A**

| Maqaa | | Gochima | |
|---|---|---|---|
| **Fkn.** | **Jimma** | | Mure |
| 1. | **Tolaa** | 1. | dhufan |
| 2. | **nyaata** | 2. | kenne |
| 3. | **mana** | 3. | nyaachuu |
| 4. | **kennaa** | 4. | ajjeese |
| 5. | **hiyyummaa** | 5. | dinne |

**Deebii gilgaala 9B**

Barattoonni fakkeenya gadii kana ilaaluun karaa adda addaa himoota ijaaruu akka danda'aniif jajjabeessi.

1. Tolaafi Feeneet Jimma dhufan.
2. Tolaan kennaa kenne.
3. Tolaan muka mure.
4. Feeneet muka murte.
5. Tolaafi Feeneet muka muran.
6. Tolaan nyaata nyaate.
7. Tolaafi Feeneet deeman
8. Feeneet hiyyummaa jibbite.
9. Feeneet kennaa kennite.
10. Feeneetiif Tolaan hiyyummaa jibban.

**Barannoo: Afoola**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- ☞ Ergaa mammaaksonni adda addaa qabannihimu;
- ☞ Mammaaksotaaf hiika nikennuu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu;**

- ✍ Barattoonni mammaaksota dhihaatan gareen mari'achaa hiika itti kennuu akka danda'an fakkeenya kennuun qajeelchuu
- ✍ Barattoonni mammaksotaaf hiika sirrii kennuu isaanii mirkaneessuu;
- ✍ Hojiilee barattootaa hordofuufi duubdebii kennuu.

**Deebii Gilgaala 10**

1. oftahuun barbaachisaadha ergaa jedhu qaba.
2. Qusannaan barbaachisaa ta'uu ibsa
3. Namnikamuu qooda isaa nyaata ykn ayyaana isaa jiraata
4. Waan walfakkaatu walitti fidu.
5. Yoo ati ofkabajje namni sikabajaa

# BOQONNAA 4: SEENAA DHUUNFAA

(Wayitii 10)

**Bu'aalee Barachuu**

**Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:**

- haasawa namoota lamaa dhaggeeffatanii yaada isaa ni'ibsu;
- hiriyaa waliin, waliin dubbii nitaasisu;
- dubbisa dhiyaate callisaan dubbisuun gaaffilee hubannoo nideebisu;
- seenaa dhuunfaa isaanii nibarreessu;
- jechootaaf hiika galumsaa nikennu;
- maqaa dhuunfaafi maqaa waliinii himoota keessaa adda nibaasu;
- maqibsa adda nibaasu;
- sheekkoo dhaggeeffatanii deebisanii nihimu.

**Qabiyyee Barannoowwaniifi Wayitii**

1. Dhageeffachuufi dubbachuu (waytii 3)
2. Dubbisuu (waytii 2)
3. Barreessuu (waytii 2)
4. Fayyadama jechootaa (waytii 1)
5. Caasluga (waytii 1)
6. Afoola (waytii 1)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

☞ Waliin dubbii namoota lamaa dhaggeeffatanii gaaffilee nideebisu;

☞ Odeeffannoo wa'ee ofii qindeeffachuun hiriyaatti nihimu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

✍ Gaaffilee gilgaala 1 jala jiran dhaggeeffachuun dura barattoonni muuxxannoo isaanii gara waliin dubbii dhaggeeffachuuf deemaniitti akka fidan jajjabeessuu;

✍ Deebii isaanii harka baasuun akka himan qajeelchuu;

✍ Gaaffilee gilgaala 2 irra jiru gara barruulee isaanii irratti akka garagalfatan taasisuu;

✍ Waliin dubbii Ujuluufi Walaansaa Mobaayilatti waraabbachuun qopheeffachuu;

- ✍ Gaaffilee gilgaala 2 irra jiru dhaggeeffachaa akka deebisan qajeelchuu;
- ✍ Deebii gilgaala 2 irra jiru akka walbira qabanii ilaalan jajjabeessuu
- ✍ Deebii isaanii harka baasanii akka deebisan taasisuu;
- ✍ Deebii sirrii gabateerratti barreessuu;
- ✍ Wixinee gilgaala 3 irratti guutame barattoonni akka sirriitti guutaniif qajeelchuu;
- ✍ Barattoota gidduu adeemuun hubachuu isaanii mirkaneessuu;
- ✍ Wixinee guutan fayyadamanii waa'ee isaanii akka dubbatan qajeelchuu;
- ✍ Dabaree dabareedhaan waa'ee isaanii akka walitti himan taasisuu;
- ✍ Daree guutuutti wa'ee ofii isaanii akka dubbatan gargaaruu.

**Ujuluufi Walaansaa**

**Ujulu:** Akkam oolte? Maqaan koo Ujuluun jedhama. Ati hoo eenyu siin jedhu?

**Walaansaa:** Maqaan koo Walaansaa jedhama .Kanan dhufe Naannoo Sidamaa Magaalaa Hawaasaarradha. Ati hoo?

**Ujuluu:** Ani immoo naannoo Gaambeellaarraa dhufe.

**Walaansaa:**. Maaliif Jimmaa dhufteree?

**Ujuluu:** Asitti barachuun dhufe. Kutaa 7n baradha.

**Walaansa:** Anis asitti barachuun dhufe akkuma kee kutaa 7n baradha.

**Ujuluu** : Maatii waliin dhuftee?

**Walaansa:** Lakkii obboleessa koo bira jiiraachuufan dhufe.

**Ujuluu:** Anis obboleessa koo wajjiinan dhufe.

**Walaansa:** Waan wal nufakkeessu qabna

**Ujuluu:**Dhugaadha. Jedhi kaa walagarra nagaatti.

**Walaansaa** : Naagaatti.

**Deebii Gilgaala 2**

1. Gaambeellaa
2. Jimmaa
3. Obbolaawwan
4. 7 (torba)

**Barannoo 2: Dubbisuu**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- ☞ Dubbisa dhiyaateef dubbisuun erga isaa ni himu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Gaaffilee gilgaala 4 A jala jiru afaaniin akka deebisaniif gaafachuu; muuxxannoo isaanii akka himan jajjabeessuu;
- ✍ Deebii gilgaala 4 A harka baasuun akka himan taasisuu;
- ✍ Deebii gilgaala 4 B hiika jechoota akka tilmaaman gochuu
    - o hiriyaa = jaallan (dhibantaa)
    - o kolfuu = seequu (qummaaduu)
    - o funyoo = haada (wadaroo)
- ✍ Dubbisuun dura barattoonni gaaffii gilgaala 5 irra jiru barruulee isaanii irratti akka barreeffatan taasisuu;
- ✍ Dubbisaa akka deebii kennan qajeelchuu;
- ✍ Deebii isaanii kan hiriyoota isaanii waliin walbira qabanii akka ilaalan gochuu;
- ✍ Deebii isaanii harka baasuun akka kennan taasisuu;
- ✍ Deebii sirrii gabateerratti barreessuu;
- ✍ Dubbisicha irra deebiin dubbisuudhaan gaaffilee gilgaala 6 akka deebisan gochuu;
- ✍ Deebii isaanii akka wal bira qabanii ilaalan jajjabeessuu;
- ✍ Harka baasuun akka deebisan afeeruu;
- ✍ Deebii sirrii ta'e gabateerratti barreessuu;
- ✍ Hojiilee barattootaaf duubdeebii kennuufi jajjabeessuu

**Deebii gilgaala 5**

1. 5 (Shan)
2. Kubbaa darbuu
3. boolli saddeeqaa iddoo lama qofa kan jiru ta'ee, namni dursee bakka qabate dura waan taphatuuf.
4. 7 (torba)

**Deebii gilgaala 6 A**

1. Dhugaa
2. Soba
3. Soba
4. Soba
5. Soba

**Deebii gilgaala 6 B**

1. C  2.A  3. A  4. D  5. C

**Deebii gilgaala 6 C**

1. B  2 A  3E  4D  5C

**Barannoo 3: Barreessuu**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Saamuuda keeyyataa barreeffamee ilaaluun keeyyata walfakkaatu ijaaruu nidanda'u

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Fakkeenya dhiyaate akka dubbisan jajabeessuu;
- ✍ Qabiyyee keeyyatichaarratti ibsa gahaa kennuu;
- ✍ Caasaa keeyyatichi itti ijaaramerratti marii taasisuu;
- ✍ Keeyyata walfakkaata muudannoo isaanirratti akka barressan afeeruu;
- ✍ Hojiilee barattootaa hordofuun duubdeebii kennuu;
- ✍ Mudannoo dhuunfaa isaanii irratti keeyyata barreessuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa**

**Kaayyoo barannoo:**

- ☞ Hiika jechoota hima keessatti gurraacheffamanii nikennu

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Jecha hima keessatti gurraacheffaman ilaaluun hiika galmusaa akka kennan fakkeenya kennuun qajeelchuu;
- ✍ Barattoonni deebii isaanii akka walbiraqabanii ilaalan qajeelchuu;
- ✍ Deebii baratootaa harkaa fuudhuufi duubdeebii kennuun mirkaneessu;
- ✍ Deebii sirrii gabateerratti barreessuu.

**Deebii Gilgaala 8**

1. B  2. A  3. B  4. A  5. C  6.B  7A

**Barannoo 5: Caasluga**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- ☞ Himoota keessatti maqaalee gurracheffamanii kennamanii maqaa dhuunfaafi waliiniitti adda nibaasu;
- ☞ Jechoota kennaman fayyadamuun himoota ni'ijaaru;

- ☞ Hima keessatti maqibsoota hangaa, bifaafi lakkofsatti gargar niqoodu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Fakkeenya kitaaba baratootaarra jiruufi kan biroo kennuun barattoonni garaagarummaa maqaa dhuunfaafi waloo akka baran jajabeessuu;
- ✍ Gilgaala 9 A dhuunfaa dhuunfaan akka yaalan qajeelchuu;
- ✍ Deebii isaanii lama lamaan akka walbiraqabanii ilaalan gochuu;
- ✍ Deebii harka baasanii akka kennan taasisuu;
- ✍ Deebii sirrii gabateerratti barressuu;
- ✍ Gilgala 9B keessatti jechoota dhiyaatanii jiraniin himoota akka ijaaraniif fakkeenya kennuufi jajabeessuu;
- ✍ Maqi–ibsoota bifa, hangafi lakkoofsatti akka qoqodaniif barattoota garee 4-5 qabuutti gurmeessuu;
- ✍ Maqibsoota qoqqoodaniin himoota akka ijaaran jajjabeessuu;
- ✍ Hojiilee barattootaaf duubdeebii kennuu;
- ✍ Deebii sirrii gabateerratti barressuu.

**Deebii Gilgaala 9 A**

1. Maqaa waliinii
2. Maqaa waliinii
3. Maqaa waliinii
4. Maqaa waliinii
5. Maqaa dhuunfaa
6. Maqaa dhuunfaa
7. Maqaa dhuunfaa
8. Maqaa dhuunfaa

**Deebii gilgaala 9 B**

Barattoonni maqaalee kennaman fayyadamuun himoota adda addaa ijaaruu danda'u. Kanaafuu, deebii isaanii irraa fuudhuun jajjabeessuf qajeelchuun barbaachisaa ta'a.

**Deebii gilgaala 9 D**

Barattoonni ibsa maqaalee kennaman fayyadamuun hjimoota adda addaa ijaaruu danda'u. Kanaafuu, deebii isaanii irraa fuudhuun jajjabeessuf qajeelchuun barbaachisaa ta'a.

**Barannoo 6: Afoola**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Sheekkoo dhaggeffatanii nidinqisifatu;
- ☞ Sheekkoo dhaggeeffatan keessaa gaaffilee bahan nideebisu;
- ☞ Sheekkoo dhaggeefatan deebisanii nihimu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Sheekkoo kitaaba barattootaa irra jiru dhaggeeffatanii akka hubatan taasisuu;
- ✍ Sheekkoo dubbifameef irra deebiin akka himan taasisuu
- ✍ Fakkeenya kitaaba baratootaarra jiru fayyadamuun barattoonni sheekkoo kan biroo akka himan taasisuu;
- ✍ Gilgaala 10A dhuunfaa dhuunfaan akka yaalan qajeelchuu;
- ✍ Gilgaala 10 C dhuunfaa dhuunfaan maatiifi namoota kan biroo gaafachuun dareetti fidanii akka himan qajeelchuu;
- ✍ Deebii harka baasanii akka kennan taasisuu;
- ✍ Deebii isaanii irraa fuudhuufi jajjabeessuun duubdeebii kennuu;

**Qamalee Haxxee**

Dur dur leencaafi warabeessatu ollaa walii jiraata turan. Leenci sangaa tokko yoo qaabaatu warabessi immoo, sa'a tokko qaba ture. Leencaafi warabessi horii isaanii waliin tikfachuuf walii galanii waliin bobbaafachuu jalqaban. Guyyaa tokko, saani warabessaa jabbii dhalte. Waraabessiis laanca bira dhaqee akka saani isaa jabbii dhalte itti hime. Haata'u malee, leenci kan jabbii dhale sangaa kooti jedhee morme. Waraabsi immoo, sodaachaa "Lakkii sa'a kootu dhale malee sangaan kee hindhalle'' jedhee morme. Akkasitti mormita yoo ta'e, bineensonni marti dhufanii sangaan koo dhaluufi saani kee jabbii dhaluu ragaa yaa bahanu" jedhe leenci. Warabessiis "Tole" jedhee walii gale.

Guyyaa jedhametti bineensonni hundi dhufanii yoo ragaa bahan qamaleen qofti hafte. Qamaleen hafuu isheetti leenci baay'ee aaree akka bakka jirtuu barbaadamtee dhuftu ajaja dabarse. Qamaleenis barabaadamtee iddoo leenci jiru dhaqxee mukarra teesse. "Obbo guddaa maaf na barbaaddan?" jettee gaafatte. Innis "Maaliif waamicha siif godhamerra dabartee?" jedhee aariidhan gaafate. Isheeniis "Lafti tarsa'ee jennaanan isa hodhaa ture" jettee deebisteef. Leencis baay'ee aaree, olka'uun "Erga yoomii lafti tarsa'aa?" jedhee gaafate. Isheeniis deebistee "Erga yoomii sangaan jabbii dhalaa?"

jettee gaaffii isaa gaaffiin deebistee jabbiin dhalatte kan waraabessaa ta'uu asumaan itti himte jedhama.

**Deebii Gilgaala 10**

1. Kan leencaa
2. Kan warabessaa
3. Wanti

# BOQONNAA 5: DURDURII

**(Wayitii 10)**

**Bu'aalee barachuu**
**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- Sheekkoo dhiyaate dhggeeffachuun ergaa isaa nihimu;
- gaaffilee hubannoo sassalphaa dubbisa keessaa ba'an nideebisu;
- xalayaa dhuunfaa firaaf/hiriyaaf nibarreessu;
- jechoota hariiroo waliin qaban barbaaduun hiika jechootaa nikkennu;
- jechoota birsagatti qoqqooduun nidubbisu;
- gaalee maqaafi gochimaa adda nibaasu.
- Ogarruu gabaabaa nidubbisu.

**Qabiyyee Barannoowwaniifi Wayitii**

1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu (wayitii 3)
2. Dubbisuu (wayitii 3)
3. Barreessuu (wayitii 2)
4. Fayyadama jechootaa (wayitii 1)
5. Caasluga (wayitii 1)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**
**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

☞ Ergaa sheekkoo dhaggeeffatanii nihimu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu;**

✍ Gaaffilee dhaggeeffannaan duraa gaafachuun muuxannoo barattoota qajeelfama dhaggeeffachuuf deeman irratti kaka'umsa akka horatan taasisuu.

✍ Gaaffilee gilgaala 1 jalatti dhihaatan gaafachuun dhuunfaan harka baasuun akka deebisan qajeelchuu

✍ Gaaffilee gilgaala 2 jala jiran dubbisa dhageeffachuun dura barattoonni barruulee isaaniirratti garagalfatanii akka hubatan gochuu

✍ Sheekkoo Obboleewwan lamaan"jedhu kan gaditti dhiyaate si'a sadii barattootaaf dubbisuu, jalqaba ariitiin dubbisuu. Itti aansuun suuta dubbisuun barattoonni dhageeffachaa gaaffilee gilgaala 2 jala jiran akka deebisan taasisuu.

- ✍ Dubbisa dhageeffatan irratti hundaa'uun himoota gilgaala 3 jala jiran irratti gareen akka irratti mariyatan gochuu;
- ✍ Gaaffilee gilgaala 1 afaaniin, gaaffilee gilgaala 2 barreeffamaan akkasumas gaaffilee gilgaala 3 mariin deebisuu danda'uu isaanii mirkaneessuufi duubdeebii kennuu.

**Obboleewwan Lamaan**

Bara durii obboleewwan lama haati isaanii irraa duunaan abbaan isaanii niitii kan biroo fuudhe waliin jiraachaa turani. Akka ijoollee hinqabne waan itti himee ishee fuudheef akka inni ijoollee qabu hinbeektu ture. Ijoollee isaa immoo gumbii keessa dhoksee ture. Haadha manaa isaatiin, "Yeroo nyaata qopheessitu yeroo hunda osoo naaf hinkennin gumbii keessa buusi," isheedhaan jedhe.

Guyyaa tokko haati manaa isaa rifeensa dhahachuu ollaa dhaqxee akka inni ijollee isaa gumbii keessa dhoksee achi keessatti soora kennaafii jiru dhageesse. Gara manaatti galtee, "Ijoollee kee gumbii keessa dhoksitee jirtu baaftu malee nan deema," jetteen. Innis, yaada isheetti walii galuun ijoollee isaa manaa fuudhee biyya fagootti geessee gate. Ijoolleen sunis, halkan yeroo hirribaa ka'an mucayyyoon isheen xiqqoon hirriba keessaa "Abbaa…Abbaa…" jttee. Mucayyoon isheen guddoon garuu deebistee, "Abbaan kee jirmaa; haati kee rimmaa rafi!" ittiin jette.

Naannoo ijoolleen kun jiraatan sana manni bulguu itti dhiyoo ture. Mucayyoon isheen guddoon yeroo bulguun manaa deemu, mana isaa keessa seentee nyaata fiddee nyaatu turani. Mucayyoon isheen xiqqqoon guyyaa tokko "Anis dhaqu malee," jettee obboleettii ishee dirqisiifte. Isheen guddoon garuu, "Maaloo dhiisi" jettee dhorkuu yaalte. Isheen xiqqoon garuu diddee dhaquu murteessite. Kanaafuu, isheen guddoon "Egaa yeroo dhaqxu adaraa kee, dafii kottu; mana bulguu keessa hinturin; sitti dhufee jennaan si qabataa," ittiin jettee qajeelfama kenniteef. Mucayyoon xiqqoon garuu, diddee dhaqxee osoo isheen mana bulguu keessa naannoftuu bulguun isheetti dhufe. Dhumarratti, qajeelfama obboleettiin ishee laatteef wan fudhachuu diddeef bulguun itti dhufee ishee qabate jedhama.

**Deebii gilgaala 1**

Kaayyoon gilgaalichaa kaka'umsa uumuu gatii ta'eef deebii barattoonni kennan hunda irraa fuudhi. Kun sirri kun immoo dogongora jechuun hinbarbaachisu.

**Deebii gilgaala 2**

1. obboleewwan lama
2. gumbii keessa.
3. bulguu
4. egaa yeroo dhaqxu adaraa kee, dafii kottu; mana bulguu keessa hinturin; sitti dhufee jennaan si qabataa ittiin jettee qajeelfama kenniteef.

**Deebii gilgaala 3**

Barattoonni deebii gilgaala kanaa akkaataa hubataniin akka deebisaniif jajjabeessi;

Gaaffilee dhihaatan lamaan barattoonni sirnaan deebisuu danda'uu isaaniifi oduu durii yookaan sheekkoo beekan kan biroo hiriyoota isaaniitti himuu danda'uu isaanii hordofuun mirkaneessuu.

**Deebii Gilgaala 4A**

Ajaja dhiyaate ka'umsa taasifachuun, ajajicha gochaan akka agarsiisan jajjabeessuu; Jechoota dhiyaatan fayyadamuun qajeelfama waliif kennuuun waliin dubbii taasisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.

**Deebii gilgaala 4 B**

Barattuu Leensaan osoo isheen daandii konkolaataa walakkaa adeemtuu poolisiin tiraafiikaa isheetti dhufee ishee waamuudhaan qajeelfama inni kenneef akka hubatan taasisuu;

Waliin dubbii *Barattuu Leensaa*fi *Poolisii Tiraafiikaa* gidduutti taasifame bakka bu'uun gahee akka taphatan haala mijeessuun bifa diraamaatiin daree keessatti akka dhiyeessaniif jajjabeessuu.

**Deebii gilgaala 4 C**

Waliin dubbii kan biroo bakka argama waaan tokkoo walgaafachuu yookaan odeeffannoo waliif kennuuf taasifamu ilaalchisee odeeffannoo akka waliif kennan taasisi.

Fakkeenyaaf; bakka argama mana jireenyaa isaanii, mana yaalaa (hospitaalaa), lafa gabaa, mana barumsaafi kkf irratti akka yaada maddisiisanii waliin dubbii taasisaniif jajjabeessi.

**Barannoo 2: Dubbisuu**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- ☞ Gaaffilee hubannoo sasalphaa deebisuu nidanda'u;
- ☞ Jechoota birsaga sadiifi isaa ol qaban adda qooduufi walitti makuun dubbisuu nidanda'u.

**Ga'ee barsiisaa/tuu;**

- ✍ Barattoonni gaaffilee dubbisuun duraa fakkii kitaaba barataa irratti dhiyaateefi muuxannoo isaanii fayyadamuun akka deebisan gochuu
- ✍ Gaaffii gilgaala 5 irratti dhiyaatee jiru sheekkoo dhiyaatee jiru dubbisuun dura akka tilmaamuun deebisan qajeelchuu;
- ✍ Gaaffii Gilgaala 6 irra jiru kan yeroo dubbisuu hojjetaman dabtara isaanii irratti akka garagalfataniif qajeelfama kennuu;
- ✍ sheekkoo dhiyaate callisaan dubbisanii gaaffilee gilgaal 6 jala jiran kan yeroo dubbisuu akka hojjatan hordofuufi jajjabeessuu;
- ✍ gaaffilee gilgaala 7 jala jiran odeeffannoo dubbisaa bu'uura godhachuun mariin akka deebisan qajeelchuu
- ✍ Barattoonni yaada ijoo dubbisichaa adda baasuu isaanii gaaffilee adda addaa gaafachuun mirkaneeffachuun duub-deebii kennuu
- ✍ Gilgaala 8 hojjechuuf fakkeenya kennuun jechoota birsagatti qooduufi kan qoqqoodaman walitti makuun akka dubbisan taasisuu
- ✍ Jechoota birsaga sadiifi isaa ol qaban adda qooduufi walitti makuun dubbisuu danda'uu isaanii hordofuufi haala garaagaraatiin mirkaneessuu

**Deebii Gilgaala 5**

Kaayyoon gilgaalichaa kaka'umsa dubbisarratti uumuu waan ta'eef deebii barattoonni kennan hunda irraa fuudhi.

Deebii barattootaa kun sirri; kun immoo, dogongora jechuun hinbarbaachisu. Garuu gaaffii sadaffaaf hiika jedhootaa barattootaaf kenni.

a) bona = waqtii roobni hinjirre (ji'a: Muddee, Amajjiifi Guraandhalaa)

b) ganna = Waqtii roobni gahaan jiru (Waxabajjii, Adoolessa, Hagayya)

**Deebii Gilgaala 6**

1. Urjii
2. Boontuu
3. Bona
4. Roobni

**Deebii gilgaala 7A**

**1. C 2. D 3. A 4. B 5. B 6. A 7. D**

**Deebii Gilgaala 7B**

1. Yeroo gannaa yokiin yeroo bokkaan baayyatuufi yeroo bonaa yokiin yeroo bokkaan hinbaayyane irratti dubbachaa turuu isaanii kan jedhuun yoo ibsan deebii isaanii qajeelchuun duubdeebii kennaa jajjabeessi., Barattoonni dubbisicha ka'umsa godhachuun wanta isaanitti fakkaate jedhanii marii geggeessu danda'u; kaayyoon isaas, akka dubbatan taasisuudha.
2. "Bokkaan kan garmalee baayyatu yoomii?" jedhanii gaafatan.
3. Ji'oonni aduu bona jedhamanii waamamu. Ji'oonni roobaa immoo ganna jedhamuun waamamu. Ganni baay'ee qorra; bonni immoo baay'ee ho'a, jechuun barsiistuu Boontuun Tolaafi Abdiif deebiste.

**Deebii gilgaala 8 A**

1. deddeebi'e - ded-dee-bi-'e
2. qajeelfama - qa-jeel-fa-ma
3. ogeessota - o-gees-so-ta
4. malaammaltummaa - ma-laam-mal-tum-maa

**Deebii gilgaala 8 B**

1. han-da-raa-fa - handaraafa
2. daa-'im-man - daa'imman
3. sa-far-tuu - safartuu
4. sab-lam-miiw-wan - sablammiiwwan

**Barannoo 3: Barreessuu**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

☞ Xalaayaan dhuunfaa maal akka ta'e ni'ibsuu

☞ Xalaayaa dhuunfaa hiriyaa issaniitiif nibarreessuu

**Ga'ee barsiisaa/tuu;**

✍ Xalaayaa akka fakkeenyaatti dhiyaate fayyadamuun waa'ee xalaayaa dhuunfaa barreessuu hubannoo gabaabaa barattootaaf kennuu;

✍ Xalayaa dhuunfaa walfakkaataa firaaf ykn hiriyaaf akka barreessan hojii daree kennuun jajjabeessuu;

✍ Xalayaa barreessan gareen akka waliif dubbisan gochuu;

✍ Xalayaa fakkeenyummaa gaarii qabu daree keessaa lama ykn sadii dareef akka dubbisan gochuu;

- ✍ Barattoonni waa'ee xalayaa dhuunfaa hubannoo argachuu isaanii gaaffii afaaiin mirkaneeessuu;
- ✍ Barattoonni xalayaa dhuunfaa hiriyaaf ykn maatiif baarreessuu danda'uu isaanii hojmanee isaanii sororsuun mirkaneessuufi duubdeebii kennuu

**Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- ☞ Jechoota caatoo keessaa walitti hidhamaniif hiika nikennu;
- ☞ Jecha catoo walakkaa jiru waliin deeman catoo duwwaa keessatti niguutu;
- ☞ Gaalee maqaafi gochimaa adda baasuu.


**Ga'ee barsiisaa/tuu;**

- ✍ Fakkeenya kennuun akkaataa caatoon jechoota hariiroo qabaniin itti guutamu agarsiisuu
- ✍ Barattoonni jechoota waliin barbaadaniif hiika akka kennan taasisuu
- ✍ Barattoonni jechoota waliin deeman waliin barbaadun caatoo guuttanii jechootaaf hiika kennuu danda'uu isaanii mirkaneessuu
- ✍ waa'ee gaalee maqaafi gochimaaa fakkeenyaafi ibsa gabaabaa kennuu
- ✍ maqaafi gochimaa himoota keessaa jala sararuun gareen mari'achaa akka adda baasan qajeeelchuu
- ✍ Barattoonni gaalee maqaafi xumuraa himoota keessaa adda baasuu danda'uu isaanii hojii daree kennuun mirkaneessuu

**Deebii gilgaala 10A**

| Jechoota | Hiika |
|---|---|
| 1. **Ajaja kennuu** | Ajaja dabarsuu |
| 2. **Ajaja diduu** | Ajajaaf bitamuu dhabuu |
| 3. **Ajaja jibbuu** | Fedhii ajaajamuu dhabuu |
| 4. **Ajaja hordofuu** | Ajaja faana bu'uu |
| 5. **Ajaja fudhachuu** | Ajaja kenname hojiitti hiikuu |

**Deebii gilgaala 10B**




**Barannoo 5: Caasluga**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

- Gaaleewwan maqaafi gochimaa adda nibaasu;
- Gaalee maqaafi gochimaa hima keessatti nifayyadamu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu;**

- Waa'ee gaalee maqaafi gochimaa fakkeenya dhiheessuun ibsa gabaabaa kenniif;
- Itti aansuun, gaaleewwan maqaafi gochimaa walmakatanii dhihaatan akka adda baasan qajeelchi.
- Shaakala 11A hojii daree kennuun barattoonni adda baasaa gabatee dhiyaate keessatti akka guutan jajjabeessi;
- Deebii dhunfaan hojjatan gareen walbira qabanii akka madaalan taasisi.
- Xumurarratti sirreeffama baraachisu taasisuun duubdeebii kenni;
- Hojiilee barattootaa hordofuun sirrummaa isaanii mirkaneeffadhu.

**Deebii gilgaala 11 A**

| Gaalee Maqaa | Gaalee gochimaa |
|---|---|
| **Fkn. Muka jiidhaa** | Suuta deema |
| **Sangaa gurraacha** | Ariitiin dhufe |
| **Sulula diimaa** | Nyaata qopheesse |
| **Saawwan Dammituu** | Quba nyaate |
| **Quba alangaa** | Fooricaa dhuge |

**Deebii gilgaala 11 B**

Barattoonni himoota afur, lama gaalee maqaatin lama immoo, gaalee gochimaatiin ijaaruu isaanii hojii daree kennuun hojiilee isaanii sororsuun mirkaneessuu.

**Barannoo 6: Ogbarruu**

Barannoo kana keessatti, barattoonni:

- ☞ Maalummaa caacculee seenaa gabaabaa adda nibaasu;
- ☞ Seenaa gabaabaa keessaa caaccuulee isaanii nibaasu;

**Ga'ee barsiisaa/tuu;**

- ✍ Maalummaa asoosama gabaabaafi caacullee asoosamaa irratti yaadannoofi ibsa gabaabaa kenniif;
- ✍ Barattoonni asoosama gabaabaa dhiyaate akka dubbisanii hubatan taasisi;
- ✍ Gilgaala 12A hojii daree kennuun barattoonni akka deebisan jajjabeessi;
- ✍ Deebii dhunfaan hojjatan gareen walbira qabanii akka madaalan taasisi.
- ✍ Gilgaala 12B hojii manaa hojjechuun akka dhufaniifi asoosama gabaabaa akka barreessaniif deggarsa barbaachisuufi tumsa taasisiif
- ✍ Hojiilee barattootaa hordofuun sirrummaa isaanii mirkaneeffadhu.

**Deebii gilgaala 12 A.**

1. Adaadaa ishee wjajin
2. Huccuu yookaan uffata haaraa uffattee affeerraaf deemtu waan dhabdeef
3. Obsee, adaadaa Obsee, mucayyoo adaadaa Obsee, Ilma mootichaa
4. Bakka afeerraatti yookaan mana ilma mootichaatti
5. Yoomessa seenichaa keessaa yeroo waan gaafatuuf barattootatti himi.
6. Deebii gaaffii 5ffaa kana barattoonni karaa adda addaa ibsuu nidanda'u. Garuu, nama wal caalchisuufi hiyyeessa irraan miidhaa geessisuu sirrii akka hintaane agrsiisa.

**Deebii gilgaala 12 B.**

1. Caacullee asoosamaa jechuun kanneen akka: jaargocha, waldiddaa, qooddattoota, yoomessa, ergaafi kkf keessaa yoo himan harkaa fuudhuun jajjabeessi.
2. Caaculleewwan asoosama dhiyaate keessaa akkaataa hubannoo isaaniitiin waan ibsuu malaniif deebii isaanii irraafuudhuun qajeelchi.

# BOQONNAA 6: NYAATAAFI DHUGAATII QOPHEESSUU

(Wayitii 10)

**Bu'aalee Barachuu**

**Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:**

- Barruu dubbifamuuf dhaggeeffachuun gaaffilee dhiyaatan nideebisu ;
- Akkaata wanti tokko itti qophaa'urratti qajeelfama nikennu;
- Dubbisa dhiyaate callisaan dubbisuun gaaffilee nideebisu;
- Mata duree kennameef fayyadamuun keeyyata ni barreessu;
- Hundee jechootaa kennaman fayyadamuun jechoota nihorsiisu;
- Jechoota nihorsiisu;
- Hima keessaa matima, antimaafi gochima addaan baasu;
- Adeemsa hiibboon itti taphatamu eeguun hiibboo nitaphatu.

**Qabiyyee Barannoowwaniifi Wayitii**

1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu (wayitii 3)
2. Dubbisuu (wayitii 2)
3. Barreessuu (wayitii 2)
4. Fayyadama jechootaa (wayitii 1)
7. Caasluga (wayitii 1)
8. Afoola (Wayitii 1)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Barruu isaaniif dubbifamu dhaggeeffachuun gaaffilee ni deebisu
- ☞ Barruu dubbifamuuf dhaggeffachaa jechoota dhgahan jala nimuru.
- ☞ Wixinee kennameefitti fayyadamuun akkaata bunni itti danfifamu nihimu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Gaaffii gilgaala 1 afaaniin gaafachuu; muuxxannoo isaanii akka himaniif jajjabeessuu;
- ✍ Barruu isaaniif dubbifamu otoo hindhaggeeffatiin dura Gilgaala 2 akka barruulee isaanitti gara galfatan qajeelchuu.
- ✍ Sa'a si'a lama dubbisuun barattoonni dhaggeeffachaa maqaa meeshalee manaa dhagahanii akka jala sararan jajjabeessuu;

- ✍ Wixinee fayyadamanii qajeelfama buna ittiin daffisan akka kennan taasisuu;
- ✍ Qajeelfama barreessan akka walii dubbisan afeeruu.

**Ittoo shiroo**

Ittoo shiroo qopheessuuf adeemsa asii gadii hordofuun gaariidha. Jalqabarratti, xuwwee, boojjiitoo, halbee, qullubbii diimaa, zayitii, daakuu shiroo, barbaree qopheeffadhu. Itti aansuun, qullubbii diimaa hamma barbaachisu xixiqqeessii mummurii xuwweetti naqii ibiddarra kaa'i. Sana booda, zayiitiifi barbaree itti naqii boojjitoon kuri. Erga xiqqoo bilchaattee booda, bishaan hamma barbaachisu itti naqi. Yemmuu bishaan danfu, daakuu shiroo itti naqii boojjitoon sochoosi.Yemmuu bilchaate soogiddaafi dhadhaa itti naquun nyaataaf dhiyeessi**.**

**Deebii Gilgaala 2**

1.Halbee

2. distii

2. boojjitoo

**Barannoo 2: Dubbisuu**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Dubbisa dhiyaateef dubbisuun ergaa dubbisichaa nihimu;
- ☞ Dubbisa dubbisuun jechootaaf hiika dubbisa keessaa nibarbaadu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Barattoonni muuxxannoo naannoo isaanii gara dubbisichaatti akka fidaniif gaaffilee afaaniin deebii argatan akka deebisaniif gaaffachuun dadamaqsuu;
- ✍ Dubbisaa gaaffilee gilgaala 5 irra jiru akka hojjatan jajjabeessuu;
- ✍ Deebii isaanii garee miseensa 4-5 akka walbira qabanii ilaalan taasisuu;
- ✍ Deebii sirrii gabateerratti barressuun akka isaan mirkaneeffatan taasisuu.

**Deebii Gilgaala 5**

1. Namoonni yemmuu ayyaana waggaafi yemmuu sagantaan addaa jiru nyaata addaa qopheessu.
2. Inni jalqabaa affeeluun mumuranii qocqocaan nyaachuudha. Inni lammaffaan immoo dafaquun mi'eessituu adda addaa itti naquuni nyaachuudha.
3. Waan Birraatti gahuuf

**Deebii Gilgaala 6 A**

1. Qophii =Sagantaa
2. Soorata= Nyaata
3. Bilcheessuu = Affeeluu
4. Tolchu= Qopheessu
5. Qotamee = Haadhamee

**Deebii Gilgaala 6 B**

1. A 2. C 3. D 4. B

**Barannoo 3: Barreessuu**

**Kaayyoo Barannoo**

☞ Fakkeenya kennameef fayyadamanii gumee qoheessuun keeyyataa nibarreessu

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

✍ Keeyyata barreessuuf gumee qopheeffachuun barbachisaa ta'uu barattoota hubachisuu;

✍ Gumee qophaa'erraa keeyyatni akka itti qophaa'ee saamudarraa barattootatti argisiisuu;

✍ Keeyyataafi gumee kenname fakkeenya godhachuungumee qopheessanii keeyyata akka ijaaran jajjabeessuu;

✍ Keeyyata barressan harkaa fuudhuun soroorsuu; ergaarratti xiyyeffachuun barattoota jajjabeessuu

**Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa**

**Barannoo kana keessatti, barattoonni:**

☞ Jechoota kennamaniif bamaqaalee ramaddii tokkoffaa, lammaffaafi sadaffaa fayyadamuun jechoota nihorsiisuu;

☞ Himoota keessatti jecha sirrii nifayyadamu.

**Ga'ee Barsiisaa/uu**

✍ Hundee jechootaa fakkeenya fudhachuun akka barattoonni jechoota horsiisan itti agarsiisuu;

✍ Hundee jechootaa kennaman fayyadamanii jechoota akka horsiisan qajeelchuu;

**Deebii Gilgaala 8 A**

| Ani | Nu | Ati | Isin | Isheen | Inni | Isaan |
|---|---|---|---|---|---|---|
| **Dhufe** | Dhufne | Dhufte | Dhuftan | Dhufte | Dhufe | Dhufan |
| **Dabe** | Dabne | Dabde | dabdan | dabde | dabe | Daban |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| **Bare** | Barre | Barte | Bartan | Barte | Bare | baran |
| **Beeke** | Beekne | Beekte | Beektan | Beekte | Beeke | Beekan |
| **Haade** | Haadne | Haade | haaddan | haadde | haade | haadan |
| **Hare** | Hare | Harte | hartan | harte | hare | haran |
| **Bareede** | bareenne | Bareedde | bareeddan | bareedde | bareede | bareeda n |
| **sodaate** | sodaanne | Sodaatte | sodaattan | sodaatte | sodaate | sodaata n |
| **Bulche** | bulchine | Bulchite | bulchitan | bulchite | bulche | bulchan |

**Deebii gilgaala 8 B**

1. Boontuufi Raggaatuun lafa qotan.
2. Beekaan lafa qote.
3. Caaltuun lafa qotte.
4. Isin lafa qottan.
5. Nuti lafa qonne.
6. Ati lafa qotte.
7. Isaan lafaqotan.
8. Ani lafa qote.

**Barannoo 5: Caasluga**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Himoota kennaman keessaa matima nibaasu
- ☞ Himoota kennamaniif keessaa antima baasuu danda'u
- ☞ Himoota kennaman keessa gochima nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa/stuu**

- ✍ Fakkeenya kennuun barattoonni akka himoota kennaman keessaa matima, antimaafi gochima baasan dhuunfaan baasan jajjabeessuu;
- ✍ Anitima, gochimafi matimni maal akka ta'e ibsa gabaabaa kennuu;
- ✍ Fakkeenya kennameef hordofanii matima, gochimafi antimaakka adda baasaan qajeelchuu.
- ✍ Deebii isaanii lama lamaan akka walbira qabanii ilaalan jajjabeessuu;
- ✍ Deebii isaanii daree guutuuf akka qoodan taasisuu
- ✍ Deebii sirrii gabateerratti barreessuun akka mirkaneeffatan qajeelchuu.

**Deebii Gilgaala 9**

1. Dhufeeraan **konkolaataa** bitate. Antima

2. Gammadaan sangaa adii **qale**. Gochima
3. Bokkaa guddaan **natti** roobe. Antima
4. Ijoolleen **bishaan** daakuu deeman. Antima
5. **Mucaan** harma haadhaa hoote . Matima
6. Jaarsi **ijoollee** ollaa gorse. Antima
7. Waraabessi harree **nyaate**. Gochima

**Barannoo 6 : Afoola**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Waliin dubbii dhiyaate gahee taphachaa nidubbisu;
- ☞ Hibboo dhiyaatee dubbisuun deebii nikennu;
- ☞ Seera tapha hiibboo eeguun hiibboo lama lama ta'uun nitaphatu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Maalummaa, barbaachisummaafi adeemsa hibboon ittii taphatamuu qabu irratti barattootaaf yaadannoo qajeelcha barsiisaa irra jiru kenniif;
- ✍ Adeemsaafi naamusa hibboo eeganii akka hibboo wal hibbifatan jajjabeessi;
- ✍ Barattoonni lama lama ta'anii waliin dubbi dhiyaate akka dubbisan jajjabeessi;
- ✍ Gaaffilee waliin dubbii keessaa bahan akka deebisan jajabeessuu;
- ✍ Deebii barattootaa harkaa fuudhuun gabatee gurracharratti barreessi.

**Deebii gilgaala 10 A.**

Barattoonni hibboo kitaaba barattootaa irratti dhiyaatee jiru dabareedhaan akka wal hibbifatan taasisuun barbaachisaadha.

**Deebii Gilgaala 10 B**

1. Inni jalqabu 'Hibboo' jedhee yoo jalqabu inni gaafatamuu immoo 'dhiibbakka/hibiib' jedha.
2. Lafa kenna
3. Dammaan siqabe
4. Nan qoradha na soqadha.

**Deebii Gilgaala 10 C**

1. Ani ergaan deemaa ati eessa dhaqxaa? = **Gaaddidduu**
2. Goodoon gamaa balballi isaa lama.= **Funyaan**
3. Yoo ciisu akka reenfaa yoo ka'u akka leencaa = **Qawwee**
4. Haati nama ilaalti ilmoon nama nyaatti.= **Qawweefi rasaasa**
5. Uleen abbaan koo naa mure hindabu hin cabu= **Maqaa**

6. Harkaan facasanii ijaan haaman. **Barressanii dubbisuu**
7. Fayyaan du'aa baata ; du'an fayyaa baata**. Farda, kooraa, nama**
8. Amma majii gessi biyya waliin geessi. **aduu**

**Yaadannoo**

Hiibboon afoola ummata Oromoo biratti beekamaniifi jaalataman keessaa isa tokko. Afoolli kun bifa gaaffiifi deebiitiin dhiyaata. Hiibboon yeroo baay'ee kan taphatamu waarii yemmuu maatiin walgahe yookaan yemmuu namoonni walitti qabaman taphachuun nidnda'ama. Hiibboo ijoolleefi maatiin isaanii waan waliin taphataniif, ijoolleef baay'ee gammachisaadha. Hiibboon waa xiinxaluu waan of keessaa qabuuf ijoolleen waan tokkoo kallattii adda addaan akka ilaaluu danda'an isaan leenjisuu danda'a. Hiibboon qajeelfama ittiin taphatamu qaba:

- Namni gaafatu 'Hiibbo' jedhee yommuu gaafatu/eegalu kan gaafatamu immoo 'Hiph' yookaan 'Hibib' ykn 'Hibbakka' jechuun jalaa qaba yookaan deebisa.
- Deebiin sirrii yoo deebi'e tahpichi itti fufa.
- Gaafatamaan yoo deebisuu dadhabe gaafataaf kennaalee kan akka lafaa, biyyaa, magaalaa fi kkf kennuufii qaba.
- Gaafataan kennaa kennameef didee jijiirsifachuu danda'a.

Gaafataan deebii sirrii otoo gaafatamaatti hinhminiin dura arrabsuu danda'a.
Kanaafuu, akka hinarrabsamneef dursee dammaan si qabe jedha.
Gaafataan lafa argateef akkas jedhee dinqisiifata.
Lafti kennameef fudhatee akkana jedha: fakkeenyaaf, Adaamaa yoo tahe,
Adaamaa koo argadhee maalan dhaba,
Aannan qe'ee keessa na yaa'a.
Bosonni dallaa naaf ta'a……
Arrabsoon iddoodha iddootti garaagarummaa yoo qabaatees akkas jechuun nidanda'ama:
Muka dudduufaa jala bahi, dhudhuufaa ganna bahi.
Kan koo madaalatti kankee qadaadatti.
Mana kootii jabbii mana keetii cabbii

# BOQONNAA7: FALMII

(Wayitii 10)

**Bu'aalee barachuu**

**Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:**

- Falmii gaggeeffame dhaggeeffatanii yaadasaa ni'ibsu;
- Adeemsa falmiin ittiin gaggeeffamu eeguun falmii nigaggeessu;
- Dubbisa dubbisuun yaada dimshaashaafi callaa nihimu;
- Keeyyata gabaabaa nibarreessu;
- Maxxantoota fayyadamuun jechoota horsiisu;
- Lakkoofsaafi kornaya hima keessatti walnisimsiisuu.

**Qabiyyee Barannoowwaniifi Wayitii**

1. Dhaggeeffachuufi dubbachuu (wayitii 3)
2. Dubbisuu (wayitii 2)
3. Barreessuu (wayitii 2)
4. Fayyadama jechootaa (wayitii 2)
5. Caasluga (wayitii 1)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Falmii dhageeffatanii yaadasaa ni'ibsu
- ☞ Yaada falmii dhiyaatee irratti marii nitaasisuu
- ☞ Waliin dubbii nishaakaluu

**Ga'ee barsiisaa/tuu**

- ✍ Gaaffilee dhaggeeffannaan duraa gilgaala 1 jalatti dhiyaate gaafachuudhaan mata duree dhageeffachuuf deeman irratti barattoota kakaasuu;
- ✍ Gaaffilee gilgaala 2 falmii dhaggeeffachaa akka deebisan qajeelchuu.
- ✍ Falmii dhageeffachuudhaan dura gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu hojjetaman dabtara isaaniirratti akka garagalfatan taasisuu;
- ✍ Famii qajeelchaa barsiisotaa irratti dhiyaate si'a sadi barattootaaf dubbisuu;
- ✍ Gareen yaada falmii irraa dhaga'an akka walitti himan qajeelchuu;
- ✍ Barattoonni falmii ykn haasawa dhageeffatanii yaadasaa ibsuu danda'uu isaanii mirkaneessuufi duubdeebii kennuu.

## Faayidaafi MiidhaaMiidiyaa Hawaasaa

Faayidaafi miidhaamiidiyaan hawaasaa qabu irratti barattootni kutaa 7ffaa Ibsituufi Adam falmii taasisani. Ibsituun miidiyaan hawaasaa faayidaa malee miidhaa hinqabu jettee falmiti. Adam immoo, miidiyaan hawaasaa miidhaa malee faayidaa hinqabu jedha. Ibsituun, "Yeroo ammaa jaarraa 21ffaa keessa jirra. Jaarraa kana keessatti, maddi odeeffannoo inni ol aanaafi si'ataan miidiyaa hawaasaati. Kanaafuu, miidiyaa hawaasaa lagachuun boodatti hafummaadha. Qabatamaaniis miidiyaa hawaasaan ala tahuun hindan da'amu" jechuun falmite.

Adam immoo, "Miidiyaan hawaasaa gaarummaa qabaachuu mala. Haata'uu malee, barattootaaf faayidaa isaa irra miidhaa isaatu caala. Barattoonni xiyyeeffannoon akka hinqu'anne dhiibbaa qaba. Wantoota safuu cabsaniifi bu'aa barattootaaf hinqabnetu ittiin darba. Kunis amala barattootaa niballeessa. Karaa biraatiin immoo, miidiyaan hawaasaa takka fayyadamuu jalqabnaanaraada namatti ta'a. Kunis yeroo barnootaa nisaama. Kanaafuu,akka yaada kootti miidiyaan hawaasaa barattootaaf hayyamamuu hinqabu" jechuun yaada Ibsituu morme. Ibsituufi Adam yaada isaanii sababaan deeggaruun falmii adeemsisani. Dhuma irrattis, abbootiin seeraa yaada falmii lamaanuu isaanii dhaggeeffachuun kan injifate dareetti beeksisani.

**Deebii gilgaala 1**

1. Barattoonni fakkii ilaaluun waan itti fakkate deebisuu danda'uu Garuu fakkiin dhiyaate sun waltajjii falmiin irratti adeemsifamaa jiru ta'uufi akkaataa falmiin itti geggeeffamu kan agarsiisu ta'uu ibsiif.
   Dhuma irrattis, deebii isaan keennan harkaa fuudhuun jajjabeessi.
2. Falmiin namaan osoo hin taane yaada namni sun qabtee dhiyaatenn mormuu akka ta'e; falmii keessatti dabaree eeguun akka barbaachisuufi kkf yoo ibsan harkaa fuudhuun jajjabeessi.

**Deebii gilgaala 2**

**Gilgaala 2: Falmii dhaggeeffachaa gaaffiilee asii gadii deebisi.**

1. Ibsituufi Adam
2. 7ffaa
3. Faayidaafi miidhaa miidiyaa hawaasaa
4. B) Soba
5. Abbootii seeraa

**Deebii gilgaala 3 A**

1. Yaadota Ibsituun miidiyaa hawaasaa ilaalchisuun ibsite keessaa muraasa yoo ibsan harkaa fuudhuun cimsuun jajjabeessi.
2. Yaadota Adam miidhaa miidiyaa hawaasaa ilaalchisuun ibse keessaa muraasa yoo ibsan harkaa fuudhuun jajjabeessi.
3. Barattoonni deebii gaaffii kanaa kallattii adda addaatiin ibsuu danda'u. Haata'u malee, kaayyoon gilgaalichaa dandeettii dubbachuu isaanii gabbisuu waan ta'eef akka isaan dubbachuu shaakalniif qajeelchuun jajjabeessi.

**Deebii gilgaala 3 B**

Barattoonni yaadannoo kitaaba isaanii irratti kenname irratti hundaa'uun adeemsa falmii eeganii *Faayidaafi miidhaa miidiyaan hawaasaa* qabu irratti garee namoota sadi qabuun ijaaramuun falmii ni geggeessu.

Kanaafuu, abbootii seeraa kaa'uufi barattoota falmiif akka ta'utti ijaaruun mata duree qoqqodiif.

Yeroo isaan falmii geggeessani immoo, tumsaafi hordoffii barbaachisu taasisuun akka isaan dubbachuu shaakaln jajjbeessi.

**Barannoo 2: Dubbisuu**

Barannoo kana kessatti, barattoonni:

☞ Dubbisa dhiyaate dubbisuun yaada callaafi dimshaashaa adda baasu;

**Ga'ee barsiisaa/tuu;**

- ✍ Barattoonni gaaffilee dubbisuun duraa akka deebisan gochuu
- ✍ Dubbisa cal'isaan akka dubbisan qajeelchuu
- ✍ gaaffilee yeroo dubbisuu dubbisaa akka deebisan qajeelchuu
- ✍ gaaffilee dubbisuu boodaa hojmanee kennuu
- ✍ Barattoonni dubbisa callisaan dubbisanii yaada dimshaashaafi callaa hubachuu danda'uu isaanii gaaffilee afaanii gaafachuun akkasumas hojmanee isaanii sororsuun mirkaneessuun duubdeebii kennuu
- ✍ Jechoota dubbisa keessaa dhufan hiika dubbisa keessatti qabaniin walitti akka firoomsan fakkeenya kennuun agarsiisuu
- ✍ Jechamoota dubbisa keessaa dhufan iddoo jechamoota duubatti deebi'uun dubbisuun hiika akka itti laaatan gareen taasisuu.
- ✍ Hojii daree sororsuun duubdeebii kennuu

**Deebii gilgaala 5**

Barattoonni gaaffii gilgaala 5 (1ffaa fi 2ffaa) kanaaf deebii karaa adda addaa kennuu waan danda'aniif deebii isaanii irraa fuuchuun hirmaachisi.

1. Deebii tilmaama hiika jechoota asii gadii hiika isaanii tilmaami.
   a) amala = haala
   b) bifa = halluu fuulaa (danaa fuula namaa)
   c) hojjaa = dheerina

**Deebii gilgaala 6**

1. Sooretti
2. Soorettii, Suutumaafi Baacaa
3. Baacaa

**Deebii gilgaala 7**

1. B (Soba) 2. B 3. A 4. A 5. B

**Deebii gilgaala 8 A**

1. G 2. H 3. F 4. E 5. D 6. C 7. B 8. A

**Deebii gilgaala 8 B**

a) fardaa lafa = walitti hindhihaatu; wal irraa fagoodha
b) harka irra qaba = itti hindubbatu ykn hindheekkamu; nideggara
c) dhibaawaa = kan hojii hinjaalanne
d) yeroo hedduu = yeroo baay'ee

**Barannoo 3: Barreessuu**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Keeyyata ibsaa jalqabame nixumuru;
- ☞ Jechoota sirrii filachuun keeyyata hir'ate niguutu.

**Ga'ee barsiisaa/tuu;**

- ✍ Barattoonni keeyyata gilgaala 9 jalatti jalqabame akka xumuran deeggaruufi qajeelchuu;
- ✍ Keeyyata gilgaala 10 jalatti dhiyaate jecha lakkoofsa sirrii agarsiisu hammattuu keessatti dhiyaate keessaa filachuun guutuu taasisu.
- ✍ Barattoonni keeyyata jalqabame xumuruu danda'uu isaanii, hojii daree sororsuun mirkaneessuufi duubdeebii kennuu.

**Deebii gilgaala 9**

Barattoonni keeyyanni ibsaa maala akka ta'e akka adda baafataniif fakkeenya adda addaa kennuu; keeyyata jalqabame xumuruu isaanii mirkaneessuuf duubdeebii kennuu.

**Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Maxxantoota duraa jechootatti maxxansuun jechoota horsiisuu nidanda'u;
- ☞ Maxxantoota boodaa jechootatti maxxansuun irra deebi'anii barreessuu nidnada'u.

**Gahee Barsiisaa/stuu**

- ✍ Fakkeenya kennuun maxxantuu jechootatti maxxanuun jecha danoomsuufi akkaataa adda addaatti agarsiisuu,
- ✍ Fakkeenya hordofuun gilgaala dhiyaate dhuunfaan akka hojjatan qajeelchuu;
- ✍ Barattoonni maxxantoota duraafi boodaa jechootatti maxxansuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu;
- ✍ Barattoonni maxxantoota duraafi boodaa jechootatti maxxansuu danda'uu isaanii gilgaala hojjatan daawwachuu;
- ✍ Hojiilee isaanii hordofuufi saroorsuun mirkaneessuufi duubdeebii kennuu.

**Deebii gilgaala 10 A**

Fakkeenya; **alidilee** = **al-idilee**

1. cabe **cac**cabe
2. bade **bab**bade
3. faana **wal**faana
4. dhufne **hin**dhufne
5. mootummaa **miti**-mootummaa

**Deebii gilgaala 10 B**

Fakkeenya; **laga= lag-geen**

1. E 2 B 3C 4A 5F

**Deebii gilgaala 10 C**

1. tooftaalee
2. malu
3. yaadicha
4. falmiin
5. nama
6. hirmaattonni

**Barannoo 5: Caasluga**

**Gilgaala 11**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Lakkoosaafi kornayaa hima keessatti walsimsiisu;
- ☞ Himoota dogoggora lakkoofsaafi kornayaa qaban sirreessuu nidanda'u.

**Ga'ee barsiisaa/tuu;**

- ✍ Himoota lama kan dogongora lakkoofsaafi koorniyaa qaban akka fakkeenyaatti sirreessuun agarsiisuu
- ✍ Gilgaala hojii daree gochuun akka hojjatan qaceelchuu
- ✍ Barattoonni himoota dogongora lakkoofsaafi koorniyaa qaban sirreessuu danda'uu isaanii hojii daree sirreessuun mirkaneessuufi duubdeebii kennuu.

**Deebii gilgaala 11**

1. Barattoonni amma falmii geggeessaa **jiru.**
2. Caalaan **barataadha.**
3. Mahaammad barataa **cimaadha.**
4. Namoota hundatu **dhufe.**
5. Caalaa, Gammachuufi Boonsaan mana barnootaa **dhaqan.**

# BOQONNAA 8: TEKINOOLOOJIITTI FAYYADAMUU

**(Wayitii 10)**

**Bu'aalee Barachuu**

**Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:**

- Barruu dubbifamuuf dhaggeeffachuun gaaffilee nideebisu;
- Odeeffannoo dhaggeeffataniin walqabsiisuun yaada dhuunfaa isaanii afaniin nikennu;
- Dubbisa gabaabaa ga'umsaan nidubbisu;
- Waliin dubbii dhiyaate haala sirrii ta'een nidubbisu;
- Jechoota hiika isaanii waliin walitti nifiroomsu;
- Jechoota hiika faallaa isaaniitiin walitti nifiroomsu;
- Himoota walkeessa makaman qindeessuun keeyyata nibarreessu;
- Mudannoo mataa isaanii barreessuun nidhiyeessu;
- Hima salphaafi dacha adda nibaasu;
- sagalee ol kaasuun walaloo nidubbisuu.

**Qabiyyeewwan**

1. Dhageeffachuufi dubbachuu (waytii 3)
2. Dubbisuu (waytii 2)
3. Barreessuu (Wayitii 2)
4. Fayyadama jechootaa (waytii 1)
5. Caasluga (waytii 1)
6. Afoola (waytii 1)

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

**Barannoo kana keessatti barattoonni;**

☞ Barruu dubbisamuuf dhaggeeffatanii gaaffilee nideebisu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- Muuxxannoo isaanii gara barreeffaama dubbisanitti akka fidaniif gaaffilee gilgaala 1 irra jiru afaaniin gaafachuu
- Otoo dhaggeeffachuu hinjalqabiniin dura gaaffilee barruulee isaanirratti akka garagalfatan qajeelchuu;
- Dhaggeeffachaa akka gaaffii gilgaala 2 irra jiran deebisan afeeru; si'a sadi dubbisuufii.

- Deebii isaanii harkaa fuudhuu; deebii sirrii gabateerratti barreessuu
- Gilgaala sadaffaarratti yaada isaanii akka gabaabsanii kennan jajabeessuu

**Gammachuufi Mobaayila Isaa**

Gammachuun barataa kutaa torbaati. Haadhafi abbaa isaa amansiisuun bilbila mobaayilaa akka bitaniif godhe. Haata'u malee, akkaataa itti fayyadama isaa waan beeke hinfakkaatu. Sababni isaas, bilbila isaatiin ergaa garii hintaane karaa feesbuukii namoota isa fakkaataniif nidabarsa; nifudhatas. Kana malees, ergaa namoonni sobanii dabarsan akka dhugaatti fudhachuun hiriyoota isaatti himee isaan dogoggorsiisa. Karaa birootiin immoo, Gammachuun, kutaa ciisicha isaa keessa galuun sa'atii dheeraa bilbila isaatiin waan adda addaa ilaala; ergaa adda addaas dabarsa. Guyyoota baay'ee otoo mobaayila isaan waan isaa hinfayadne ilaaluufi dabarsuu hojii manaa osoo hinhojjatiin deemee barsiisota isaa waliin walitti bu'ee jira. Guyyaa muraasa immoo, osoo mobaayila isaa fayyadamee qormaata hatuuf yaaluu qabamee jira.

**Deebii gilgaala 2**

| | | √ yookaan X kaa'i. |
|---|---|---|
| **1** | Gammachuun haadhafi abbaa jalaa maallaqa hatee mobaayila bitate. | **X** |
| **2** | Gammachuun odeeffannoo sobaa akka dhugaa ta'etti fudhata. | √ |
| **3** | Gammachuun mobaayila isaa fayyadamee qormaata hatuuf yaalee beeka. | √ |
| **4** | Gammachuun kutaa ciisicha isaa keessatti mobaayila isaa sa'aatii dheeraaf tuttuquu jaalata. | √ |

**Deebii gilgaala 3Afi B**

Barattoonni waan itti faakkaate bilisaan akka dubbataniif jajabeessi**;** yaada dhuunfaa isaanii waan gaafatamaniif deebiin jala murame hinjiru**.**Deebii Gilgaala 3 C

1. B
2. F
3. D
4. E
5. C
6. A

**Barannoo 2: Dubbisuu**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Dubbisa dubbisuun waan hubtan nihimu;
- ☞ Odeffannoo dubbisa keessaatti arganiin wal qabsiisuun muuxannoo isaanii afaaniin nidubbatu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Barattoonni muuxannoo isaanii gara dubbisaatti akka fidaniif jajjabeessuu;
- ✍ Dubbisuu dura barattoonni Gilgaala 4 akka qayyabatan taasisuu; akkasumaas, gaaffilee gilgaala 4 dabtara isaaniitti akka gara galfatan qajeelchuu
- ✍ Dubbisa dhiyyate dubbisuun dura gaaffilee gilgaala 4 akka tilmaamana qajeelchuu; ajaja ifaa kennuun qajeelchuu;
- ✍ Gaaffilee gilgaala 5 jala jiran kan yeroo dubbisuu hoojjetaman dabtara isaanii irratti akka barreeffatan qajeelchuu;
- ✍ Dubbisaan booda deebii isaanii harka kaasuun akka deebisan jajjabeessuu;
- ✍ Dubbisa dhiyaate saffisaafi sirrummaan dubbisuu isaanii horodofuun bakka barbaachisetti deeggarsa kennuu.
- ✍ Gaaffii gilgaala 6 jala jiru dubbisicha keessatti jechoota gurraacheffamaniif hiika isaanii akka barreessan qajeelchuu;
- ✍ Hojiilee barattootaaf duubdeebii kennuun jajjabeessuu

**Deebii Gilgaala 5**

1. Jireenya isaanii waan salphiseefi hojii daldalaa waan ittiin geggeeffataniif baay'ee jaalatu
2. Gatii sangootaa gaafachuuf
3. Daldalaa sangaati.

**Deebii Gilgaala 6A**

1. B 2. C 3.B 4.A

**Deebii gilgaala 6B**

1. E 2 A 3D 4C 5B

**Barannoo 3: Barressuu**

**Barannoo kana booda barattoonni:**

- ☞ Himoota walmakanii dhiyaatangara tartiiba sirriiti qajeelchuun keeyyata ergaa guutu qabu ni barressu;
- ☞ Keeyyata muudannoo isaaniirratti hunda'uun niijaaru.

**Ga'ee Barsiisaa /tuu**

- ✍ Barattoonni himoota walmakanii dhiyaatan dubbisanii akka tartiibessan jajabeessuu;
- ✍ Ajaja ifaa ta'e barattootaaf kennuu; hubachuu isaanii mirkaneessuu;
- ✍ Barattoonni keeyyata tartiiba qabsiisanii barressuu otoo hin jalqabiin dura tartiiba sirrii argachuu isaanii mirkaneessuu
- ✍ Himoota tartiiba qabsiisanii keeyyata guutuu ta'e akka barreessan itti qajeelchuu;
- ✍ Keeyyata mataa isaanii muudannoo isaaniirratti barressuu akka shaakalniif qajeelchuu.
- ✍ Keeyyata barattoonni barressan harkaa fuudhuun soroorsuufi duubdeebii kennuu.

**Deebii gilgaala 7 (Tartiiba keeyyanni ittiin barreeffamu)**

1ffaan =4 2ffaan =1, 3ffaan =2, 4ffaan =3, 5ffaan =5,
6ffaan =7, 7ffan =6, 8ffaan =8, 9ffaan =9, 10ffaan =10

B. Barattoonni mudannoo dhuunfaa isaanii karaa adda addaa ibsuu waan malaniif akka isaan keeyyata ittiin barreessuu shaakalan jajjabeessi

**Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Hiikaa jechootaa galumsa keessaa himuu nidanda'u

**Ga'ee Barsiisa/tuu**

- ✍ Barattoonni himoota keessaa hiikaa jechootaa akka tilmaaman qajeelchuu.
- ✍ Jalqaba dhuunfaa dhuunfaan akka hojjatan qajeelchuu;
- ✍ Deebii isaanii akka walbira qabanii akka ilaalan afeeruu.
- ✍ Gaaffileef deebii sirrii argachuu isaanii mirkanessuu
- ✍ Barattoonni hundi hubachuu isaanii mala adda addaan ilaalu; Deebii sirrii gabateerratti barressuu.

**Deebii gilgaala 8**

**1. A 2 C 3. B 4. B 5 A**

**Deebii gilgaala 9A**

1. Hima dachaa
2. Hima Salphaa
3. Hima dachaa

4 . Hima salphaa

**Gilgaala 9B**

**1. A  2. B  3. A  4 B**

**Barnnoo 6 : Afoola**

**Barannoo kana keessatti barattoonni:**

- ☞ Walaloon akka ittiin dubbifamu dhaggeeffachuun haala walfakkaatuun deebisanii ni dubbisu
- ☞ Hiikaa jechoota walaloo keessa jiruu nihimu.
- ☞ Walaloo nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa/tuu**

- ✍ Walaloo sagalee olfuudhuun irra dedeebiiin barattootaaf dubbisuu;
- ✍ Barattoonni haala barsiisaan itti dubbiseen /teen akka dubbisan qajeelchuu;
- ✍ Gaaffilee walaloo keessa bahan akka deebisan qajeelchuu;
- ✍ Barattoonni gilgaala 10 B garee barattoota 4-5 qabuun akka hojjatan haala mijeessuu;
- ✍ Harka baasuun barattoonni akka deebii kennan taasisuu;
- ✍ Deebii sirrii gabateerratti barreessuu;
- ✍ Og- walaloo sagalee olkasanii dubbisuu isaanii hordofuufi deegaruu.

**Deebii Gilgaala 10 A**

Walaloo dhiyaatee jiru barattoota dura bu'uun dubbisuun barbaachisaadha; Barattoonnis akkaataa walaloon itti dubbifamuu qabu hubatanii sirriitti akka dubbisan karaa agrsiisuun qajeelchi.

Walaloo dhaggeeffatanii irra deebi'uun nidubbisu.

**Deebii Gilgaala 10 B**

1. A
2. B
3. A
4. A
5. B

**Deebii Gilgaala 10 C.** Barattoonni walaloo dhiyaate fakkeenya taasifachuun walaloo barreessuu akka shaakalniif jajjbeessi.

Barattoonni kun barattoota afaan lammaffaa waan taa'aniif yeroo isaan walaloo barreessan qajeelchuufi jajjbeessuun barbaachisaa ta'a.

# Silabasii Afaan Oromoo

## (Akka Afaan Lammataatti Barsiisuuf Qophaa'e)

## Kutaa 7

**Biiroo Barnootaa Oromiyaa 2014/2022**

**Seensa**

Itoophiyaan biyya sabaafi sablammootaa afaanonni garaagaraa 80 ol keessatti dubbatamuudha. Afaanota kanneen keessaa baayyeen isaanii naannoo adda addaatti afaan hojiifi afaan barnootaa kutaa 1-4 akkasumas 1-8 ta'anii akka fedhii hawaasaatti tajaajilaa jiru. Akkaataan afaanonni itti barsiifaman fedhii, galma yookiin bu'aa naannon barbaadu gatii murteessuuf itti fayyadama ykn tajaajila afaanota garaagaraa irratti dhiibbaa qaba.

Afaanota federaalaa akka afaan lammaffaatti barachuun qunnamtiifi waliigaltee namoota, sabotaatafi sablammoota jiddutti godhamuu milkeessuuf yookiin mijjeessuuf baayyee murteessaadha. Kana malees, afaanota federaalaa barachuun aadaa saba biraa baruufi carraa hojii argachuu bal'isuuf nigargaara. Kanaafuu kaayyoon afaan lammaffaa manneen barootaa keessatti kennuu barattoonni aadaa walii akka baran caalatti akka walhubataniifi waliigalan taasisa. Dandeettii afaanii ga'umsa qabu horachuun jireenya barattoota salphisuun naannoon osoo hindaanga'in namootaan salphatti akka waliigalan taaisuuf carraa uuma, darbees tokkummaa cimsuun akka naannoofi akka biyyaatti akka yaadan taasisa.

Dandeettii af-lamee horachuun barattootaaf faayidaalee hedduu qaba: dandeettii gadi fageenyaan yaaduu, rakkoo furuu, hariiroo uumuu, aadaa walii dinqisiifachuu, amataafi seenaa walii kabajuu akka horatatn taasisa. Bu'uuruma kanaan kaayyoolee kannneen galmaaan ga'uuf silabasiin Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuuf tajaajilu kun qophaa'e. Hayyoonni afaanii silabasii kana akka beenchimaarkiitti gargaaramanii meeshaalee barnootaa adda addaa barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammmaffaatti naannoo Oromiyaafi naannoolee ollaatti barataniif qopheessuu nidanda'u.

Qabiyyeen afaan federaalaa barsiisuuf filatamu dandeettii bu'uuraa afaanii afran (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu)fi dandeettii caaccuulee afaanii kanneen akka caaslugaafi ogbarruu irratti xiyyeeffata. Haata'uu malee Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barsiisuu keessatti gahumsa afaan waliigaltee barattootaa dagaagsuufi cimsuuf xiyyeeffannoo olaanaan addatti dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuuf nilaatama.

Akkaataa qajeeltoo Ministeerri Barnootaa Federaalaa naannooleef gadi buusetti mata dureewwaan dandeettii dubbisuu barsiisuuf oolan dhimmoota waytaawaa (cross cutting) akka saayinsiifi teeknoolojii, dhibee Koronaafi HIV, koorniya, tokkummaafi aad-heddummaa, galii, jijjiirama qilleensa naannoo, gootummaa, beekumsa xabboo, keessummessummaa, araada, barnoota hunda aammattoo, dandeettii jireenyaa jaarraa 21ffaa, aadaa hojiifi oomishtummaafi koligaltummaan kan walqabatan ta'uu akka qabu ni'eera. Waan kana ta'eef qophiin silabasiifi kitaaba barattootaa dhimoota ijoo adda bahan kana jiddugaleessa godhachuu qaba.

Qophiin silabasii Afaan Oromoo kuniis dhimmoota Ministeerri Barnootaa eereen madditti dhimoota naannoo Oromiyaa calaqqisan bu'uureeffachuun haala qabatamaa naannootti madaqsuun adeemsifame.

**Akeeka**

Akeekni afaan lammaffaa barsiisuu lammii hawaasa af-heddeefi aad-heddee keessatti afaanicha fayyadamee waliigaluu danda'u oomishuudha. Kuniis rakkoo waliigaltee sababa garaagarummaa aadaatiin madachuu danda'u furuudha. Sirna barnootaa afaan lammaffaa lammii afaanota garaagaraatiif ilaalcha gaarii qabu, yaad-sammuudhaan dagaage duudhaafi beekumsa hawaasaa labataa labatatti afaaniifi barreeffamaan darbaa dhufe dinqisiifatu oomishuuf kan kaayyeffate. Caalatti sirna barnootaa qabxiilee gaditti tarreeffaman galmaan ga'uuf kan akeekeedha.

- Mala qunnamtiin barsiisuun itti fayyadama afaan lammaffaa sirnaan barattoota gonfachiisuu
- Dandeettii afaanii bu'uura barnoota hegereef isaan barbaachisu horachiisuu
- Dandeettii dhageeffachuu Kanaan dura dagatamaa ture fooyyessuu ykn cimsuu
- Ilaalcha barattoonni dandeettii dubbisuuf qaban cimsuun dubbisaan hubannoofi beekumsa akka horatan taasisuu
- Barattoonni yaada, fedhii, duudhaafi muuxannoo qaban afaaniifi barreeffaman gahumsaan akka ibsatan taasisuu
- Dandeetti kalaqaa jajjabeessuu
- Gahumsa dandeetiiwwan afaanii bu'uraafi caaccuulee afaan lammaffaa barattootaa dagaagsuu
- Dandeettii barattoonni afaan tokkoffaatti qaban gara afaan lammaffaati akka fidan jajjabeessuu

**Kaayyoo**

Silabasichi kaayyoolee Kanaan gaditti tarreeffaman qaba;

- Dandeetti afaan fayyadamuun waan haarawaa uumuu, kalaquu fi hojii uumuu ni horatuu.
- Waan baratame gahumsaafi namuusaan jiruufi jireenya keessatti fayyadamuu
- Beekumsa xabboo (Jechamoota) fooyya'insa dhuunfaafi qunnamtii hawaasaaf fayyadamuun
- Oomishaafi oomishitummaa hammayyeessuufi guddisuuf barreeffamoota gargaaraatti fayyadamuun
- Jireenyaa dhuunfaafi waloo jiraachuuf seenafi, aadaa biyyaa, mirgaafi dirqama lamummaa hubachuu
- Beekumsaafi dandeetti guddina dhuunfaafi dagaagina hojiif haala qabatamaa keessatti fayyadamuun
- Jijjiiramaa akka biyyaafi addunyaatti adeemaa jiru wajiin tarkaanfachuuf dandeettii gadi fageenyaan yaaduu, rakkoo furuufi qunnamtii bu'a qabeessa fayyadamuu
- Waliin hojjechuufi walirra barachuuf dandeettiifi beekumsatti fayyadamuu
- beekumsa ammayyaa dandeettifi sonawwan akkasumas, sirna barnotaa haaraafi dhimmoota waytaawaa xiyyeeffannoo barabaadan guddina naannoofi biyyaaf fayyadamuu
- afaanoota hundaaf ilaalcha walfakkaatu qabaachuu
- Hoggansa gahumsa qabuu horachuun ,murteessuu dandaa'uufi itti gaafatamumma qabu horachuu

**Boqonnaa Tokko: Gadaa (Wayitii 10)**

**Bu'aalee barachuu**

**Xumura boqonnaa kanaatti, barattoonni:**

- barreeffama dubbifamuuf dhaggeeffatanii gaaffilee nideebisu;
- waliin dubbii fayyadamuun gahee nitaphatu;
- jechoota ciccimoo gahumsaan nidubbisu;
- walqabsiiftota iddoo sirriitti galchuun keeyyata niguutu;
- jechoota adda addaaf hiika walfakkaataafi faallaa nikennu;
- maxxantoota jechootatti nimaku;
- maxxantoota jechootarraa adda nibaasu;
- faaruu loonii faarfatanii nidinqisiifatu.

| Ga'umsa | Qabiyye e | Haala dhiyeenyaa | Mala barachuufi barsiisuu | | M D | Yeroo | Hordoffiifi deegarsa | Madaallii | Yaad |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ga'ee barsiisaa | Ga'ee barataa | | | | | |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| andeettii dhaggeeffatanii waan hubatan afaaniin deebisuufi tarreessuu danda'uu horachuu<br><br>Odeeffannoo dhageeffatan irratti dubbachuu danda'uu | **Hubannoof dhageeffachuu Waliin dubbii** | Barreeffama haadha siinqee keessaa gilgaala gaaffiilee gilgaala dhugaafi sobaa, akkasumas gahee haadha siinqee tarreessuuf oolu dhiheessuu<br><br>Bifa waliin dubbiitiin gahee akka taphatan gilgaalaan dhiheessuu | Gaaffilee dhaggeeffannaan duraa gaafachuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan qabachiisuu;<br>Barruu qajeelcha barsiisaa keesatti dhiyaate dubbisuu<br><br>Gilgaala waliin dubbii dhihaate lama lamaan barattoonni akka shaakalan qaceelchuu | Gaaffilee dhaggeeffannaa duraa deebisuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan qayyabachuu;<br>Waan dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gaaffilee dhiyaatan deebisuu<br>Barattoonni cimdiidhaan akka Caaltuufi Giiftii ta'uun waliin haasa'uu | tee phii | Wayti 3 | Barattoonni dhaggeeffachuun dura waan dhaggeefachuuf deeman haalaan tilmaamuu isaanii duuka bu'uu;<br>bakka barbaadametti deeggarsa kennuu;<br>Odeeffannoo dhaggeeffatan hubachuufi tarreessuu danda'uu isaanii hordofuu; bakka barbaachisaa ta'etti gargaarsa kennuu.<br>Barattoonni odeeffannoo gilgaalaan dhihaate fayyadamanii waliin dubbachuu danda'uu hordofuufi deeggaruu | Gaaffilee dhageeffachuun duraa afaaniin deebisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.<br><br>Gaaffilee yeroo dhageeffachuufi dhageeffachuun boodaa barreeffamaan deebisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu.<br><br>Barattoonni sirnaan akka Caaltuufi Giiftii ta'uun waliin dubbachuu danda'uu isaanii mirkaneessuufi duubdeebii kennuu | |
| Dandeettii jechoota ciccimoo sirrummaan dubbisuu danda'uu gonfachuu | **Jechoota ciccimoo dubbisuu** | Gilgaala jechoota ciccimoo kannneen sagaloota Afaan Oromoo qofa keessa jiran kan akka 'Dh' ofkeessa qabaniifi jechoota dhedheeroo qabu qopheessuu | Barattoonni jechoota ciccimoo sirrummaan dubbisuu akka shaakalan fakkeenyaafi qaceelfama ifa ta'e kennuu | Barattoonni jechoota ciccimoo sirrummaan dhunfaan dubbisuu shaakaluu | Filash kaardii jechootaa | Wayti 2 | Barattoonni dhuunfaadhaan jechoota ciccimoo sirrummaan dubbisuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggarsa gochuu | Barattoonni jechoota ciccimoo sirrummaan dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kennuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Walqabsiiftota sirrii iddoo sirritti galchuun keeyyata guutuu taasisuu danda'uu<br><br>Jechoota birsaga 1-2 qaban barreessuu | **Barreessuu** | Keeyyata iddoo duwwaa qabu bifa gilgaalaan dhiheessuu<br><br>Gilgaala jechoota birsaga 1-2 qabu qopheessuun dhiheessuu | Barattoonni walqabsiiftota keeyyataa olitti dhihaatan keessaa isa sirrii filuun iddoo sirritti akka guutan fakkeenya kennuun qaceelchuu<br>Jechoota birsaga 1 fi 2 qaban fakkeenya kennuun jechoota walfakkaataa 6 akka barreessan hojii daree kennuu | Barattoonni dhuunfaadhaan walqabsiistuu sirrii keeyyata keessatti iddoo sirriitti galchuu<br><br>Fakkeenya hordofuun jechoota birsaga 1fi 2 qaban 6 barreessuu | - | Wayti 2 | Barattoonni Walqabsiiftota iddoo sirritti galchuun keeyyata guutuu danda'uu isaanii hordofuun deeggarsa kennu<br><br>Barattoonni jechoota birsaga 1fi 2 qaban barreessuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu | Barattoonni Walqabsiiftota iddoo sirritti galchuun keeyyata guutuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kennuu<br><br>Barattoonni jechoota birsaga 1 fi 2 qaban barreessuu danda'uu isaanii hojii daree soroorsuun duub-deebii kennuu | |
| Ogummaa jechootaaf hiika walfakkiifi faallaa kennuu danda'uu horachuu | **Fayyadama Jechootaa** | Gilgaalota jechoota hiika walfakkiifi hiika faallaa bifa walitti firoomsiifi filannoon (hiika galumsaan) qaban dhiyeessuu | Barattoonni jechoota hiika walfakkiifi faallaa akka kennan fakkeenya kennuun agarsiisuufi akka hojjatan qajeelchuu | Barattoonni fakkeenya kennameef bu'ureeffachuun gaaffilee dhiyaataniif hiika walfakkiifi faallaa kennu | | Waytii 1 | Barattoonni jechoota hiika walfakkiifi faallaa qaban akka adda baafataniif hordofuufi iddoo barbaachisaa ta'etti deeggaruu | Barattoonni jechootaaf hiika walfakkiifi faallaa qaban adda baafachuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kennuu | |
| Dandeettii maxxantoota boodaa jechatti maxxansuun jechoota danoomsuu | **Caasluga** | Gilgaalota maxxantoota jechootatti makuu bifa firoomsuun akkasumas maxxantoota jechootarraa jala sararuun adda baasuuf dandeessisu qopheessuun dhiheessuu | Fakkeenya kennuun maxxantoota jechootatti maxxansuun jechoota danoomsuu<br><br>Gilgaala dhihaate akka hojjatan qaceelchuufi deeggaruu | Barattoonni fakkeenya kenname hordofuun gilgaalota dhihaatan hojjachuu | | Wayiti i 1 | Barattoonni maxxantoota dhihaatan jechootaan walitti firoomsuufi jechoota irraa maxxantuu adda baasuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu | Barattoonni maxxantoota dhihaatan jechootaan walitti firoomsuufi jechoota irraa maxxantuu adda baasuu danda'uu isaanii haala adda addaatiin mirkaneessuufi duubdeebii kennuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Faaruu dhihaate faarfatanii dinqisiifachuu danda'uu | Faaruu | Faaruu loonii lama akka barattoonni faarfataniif dhiheessuu | Faaruu kitaaba barataa irratti dhihaate faarfachuun barattootatti agarsiisuu | Barsiisaa duukaa bu'uun faaruu faarfachuun dinqisiifachuu | | Waytii 1 | Faaruu bifa dhihaataan akka faarfatan hordofuufi deeggaruu | Barattoonni faaruu faarfachuu isaanii hordofuun mirkaneessuu | |

**Boqonnaa Lama: Gootummaa Dubartootaa (Wayitii 2)**

## Bu'aalee barachuu

**Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:**

- barreeffama dubbifamuuf dhaggeeffatanii gaaffilee nideebisu;
- odeeffannoo dhaggeeffatan ni'ibsu;
- tarsiimolee dubbisuu adda addaa fayyadamanii odeeffanoo callaafi dimshaashaa nihimu;
- Caacculee keeyyataa fayyadamuun keeyyata seenessaa tokko nibarreessu;
- Fakkii ilaaluun jecha fakkii bakka bu'u nibarreessu;
- Maxxantoota duraafi boodaa hundee jechaarra adda nibaasu;
- Maxxantoota duraafi boodaa jechatti nimaku;
- Hiika jechamoota nikennu.

| Ga'umsa | Qabiyyee | Haala dhiyeenyaa | Mala barachuufi barsiisuu | | MD | Yeroo | Hordoffiifi deegarsa | Madaallii | Yaad |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ga'ee barsiisaa | Ga'ee barataa | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii dhaggeeffatanii nama seenaan ishee himamee hubachuun ibsuu danda'uu horachuu.<br><br>Dandeettii odeeffannoo dhiyaterratti yaada dhuunfaa ofii ibsuu danda'uu horachuu | **Dhaggeeffachuufi dubbachuu** | Barreeffama Xurunaash Dibaabaa keessaa gilgaala gaaffiilee iddoo duwwaa dhaggeeffatanii gabatee keessatti guutaniifi gaaffilee banaa dhiyeessuu<br><br>Xurunaash Dibaabaafi atileetoota biroo beekan ilaalichisuun gaafilee yaada dhuunfaa mariin kennuu dandeechisan dhiyeessuu; Waliin dubbiidhaan gahee taphachuu; Gaaffilee waliin dubbii kessaa dhiyessuu | Gaaffilee dhaggeeffannaan duraa gaafachuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan qabachiisuu<br><br>Barruu qajeelchaa barsiisotaa keesatti dhiyaate dubbisuu<br><br>Gaaffilee dhaggeeffachuun booda dhiyeessuu Waliin dubbii dhiyaate dubbisaa akka gahee taphatan gochuu | Gaaffilee dhaggeeffannaa duraa deebisuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan qayyabachuu<br><br>Waan dhaggeeffatan irratti hundaa'uun bakka duwwaa kennameef keessatti guutuu Gaaffilee dhaggeeffachuun boodaa afaaniin deebisuu | Tape Recorder | Wayti 3 | dhaggeeffachuun dura waa'ee muuxannoofi beekumsa duraa yaadachuu isaanii mirkaneessuu<br><br>Gaaffilee dabtara irratti garagalfachuu isaanii mirkaneessuu<br><br>Dhaggeeffachaa bakka duwwaa guutuu isaanii mirkaneessuu | Gaaffilee dhageeffachuun duraa afaaniin deebisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu<br><br>Gaaffilee yeroo dhageeffachuufi dhageeffachuun boodaa barreeffamaafi afaaniin deebisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu | |
| | | | | | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii Tarsiimoole edubbisaa adda addaa fayyadamuu n odeeffannoo murta'aafi dimshaashaa hubachuu danda'uu nigonfatu | **Dubbisuu** | Dubbisa Gootummaa dubartootaa jedhu dubbisuun yaada callaa keeyyattoota hundaa barattoonni akka himan taasisu dhiyeessuu Gaaffilee dubbisa keessaa odeeffannoo murta'aniin deebifamuu danda'an dhiyeessuu, Fkn.maqaa, baraafi lakkoofsa. | Gaaffilee dubbisuun duraa akka deebisan taasisuu<br><br>Gaaffilee yeroo dubbisuu akka qeeyyabatan qajeelchuu<br><br>Barreeffama mata-duree Gootummaa dubartootaajedhu dubbisuun gaaffilee dhiyaatan akka dubbisan taasisuu Gaaffilee dubbisuun booda akka deebisan taasisuu | Gaaffilee dubbisuun duraa deebisuu<br><br>Gaaffilee yeroo dubbisuu dabtara isaaniitti gara galfachuu<br><br>Gaaffilee yeroo dubbisuu deebisuu<br><br>Gaaffilee dubbisuun boodaa deebisuu | | 2 | Barattoonni tarsiimolee dubbisuu adda addaa fayyadamuun gaaffilee gilgaalotaa deebisuu danda'uu isaanii hordofuufi deegaruu | Barattoonni tarsiimolee dubbisuu adda addaa fayyadamuun dubbisa dhihaate dubbisuu danda'uu isaanii hordofuun mirkaneessuu Barattoonni gaaffilee dubbisaan duraa yeroo dubbisaafi dubbisaan boodaa deebisuu danda'uu isaanii tooftaa adda addaatiin mirkaneessuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii caaccuulee keeyyataa barreesuu danda'uu horachuu<br><br>Caaccuulee keeyyataa fayyadamuun keeyyata seenessaa barreessuu danda'uu | **Barreessuu** | Caaccuulee Keeeyyataa walkeessa makuun bifa gilgaalaan dhiheessuu qopheessuu<br><br>Keeyatta jalqabame qopheessanii barattoonni akka xumuraniif dhiheessuu | Maalummaa caacculee keeyyataa irratti barattootaaf ibsa kennuu Caaccuulee keeyyataa akka tartiibessan fakkeenya kennuun qaceelchuu<br><br>Caaccuulee tartiibessan fayyadamuun keeyyata seenessaa jalqabame akka xumuran qajeelchuu | Barattoonni ibsa kenname irratti hundaa'uun caacculee keeyyataa adda baasuun tartiibessuu<br><br>Barattoonni himoota tartiibeffaman fayyadamuun keeyyata jalqabame barreessuu/xumuruu | | 2 | Barattoonni caaccuulee keeyyataa adda baasanii tartiibessuun keeyyata seenessaa barreessuu danda'uu isaanii hordofuun deeggarsa kennu | Barattoonni maalummaa caacculee keeyyataa adda baafachuu isaanii tooftaa adda addaan mirkaneeffachuufi mirkaneeffachuun duub-deebii kennuu<br><br>Barattoonni keeyyata caacculee sadan qabu barreessuu danda'uu isaanii soroorsuun duub-deebii kennuu | |
| Hiika jechootaa walitti firoomsuu gonfatu; Dandeettii fakkii ilaaluun maqaa ykn jecha fakkii bakka bu'u barreessuufi himuu gonfachuu | **Fayyadama Jechootaa** | Hiika jechootaa walitti firoomsuu dhiyeessuu; Gilgaala barattoonni fakkiilee bineeldootaa ilaaluun maqaa isanii barreessuu dandeechisan dhiyessuu dhiyeessuu | Barattoonni hiika jechootaa walitti firoomsuun akka barreessan jajjabeessuu;<br><br>Barattoonni fakkii dhiyaateef ilaaluun maqaa bineeldotaa akka barreessan jajabeessuu | Jechoota hiika walfakkaataa qaban walitti nifiroomsu;<br><br>Fakkii bineeldotaa ilaalanii maqaa isaanii nibarressuu | | Wa yiti i 1 | Barattoonni hiika jechootaa walitti firoomsuu danda'uu isaanii hordofuu;<br><br>Barattoonni fakkii bineeldotaa ilaaluun maqaa isaanii barreessuu danda'uu isaanii hordofuu | Barattoonni hiika jechootaa walitti firoomsuu danda'uu isaanii mirkaneessuu;<br><br>Barattoonni fakkii bineeldotaa maqaa bineeldota dhiyaatanii barreessuu danda'uu isaanii mirkaneessuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii maxxantoota duraafi boodaa hundee jechaarraa adda baasuufi walitti makuu danda'uu horachuu | **Caasluga** | Jechoota maxxantoota duraafi boodaa ofirraa qaban dhiyeessuun barattoonni akka gargar qoodaniifi akka walitti makan taasisan gilgaala lamaan dhiyeessuu | Jechoota lama akka fakkeenyaatti fudhachuun , hundee jechootaafi maxantoota duraafi booda gargar qooduufi walitti makuun agarsiisuu | Jechoota dhiyaatanirraa maxxantoota duraafi boodaa isaanii irraa baasuu, Maxxantoota boodaa jechootarraa bahan hundee jechaa waliin walitti makuu | | Wa ytii 1 | Barattoonni maxantoota duraafi boodaa hundee jechaarraa adda baasuufi walitti makuu hubachuu isaanii hordofuun deegaruu. | Barattoonni maxantoota duraafi boodaa hundee jechootarraa adda baasuufi walitti maxxansuu danda'uu isaanii mirkaneessuu | |
| Dandeettii jechamootaaf hiika kennuu danda'uu gonfachuu | **Afoola** | Himoota jechamoota jala sararaman of keessaa qaban dhiyeessuun Hiika isaanii akka barattonni kennan taasisuu | Jechamoota fakkeenya kennuun barattoota qajeelchuu | Gilgaala dhiyaate akkaataa fakkeenya kennameetiin cimdiin mari'achaa deebisuu | | Wa yiti i 1 | Hiika jechamoota jala sararamanii tilmaamuu danda'uu barattootaa hordofuun deegaruu | Barattoonnii hiikaa jechamootaa sirriitti kennuu isaanii marii barattoonni taasisan hordofuun mirkaneessuu | |

**Boqonnaa Sadi: Naannoo Koo (Wayitii 10)**

## Bu'aalee barachuu

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- barreeffama dubbifamuuf dhaggeeffatanii gaaffilee nideebisu;
- muuxannoo jireenya isaanii nihimu;
- sagalee olkaasuun walaloo nidubisu;
- hiika jechoonni galumsaan qaban nikennu;
- jechoota sagalee jabaa qaban nisagaleessu;
- mudannoo guyyaa tokko keessatti isaan qunname nibarreessu;
- garee jechootaa adda nibaasu;
- ergaa mammaaksonni qaban nihimu.

| Ga'umsa | Qabiy yee | Haala dhiyeenyaa | Mala barachuufi barsiisuu | | M D | Yeroo | Hordoffiifi deegarsa | Madaallii | Yaad |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ga'ee barsiisaa | Ga'ee barataa | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii dhaggeeffatanii waan hubatan irra deebiin himuu danda'uu horachuu<br><br>Muuxannoo jireenyaa himuu danda'uu Waliindubbii dhiyaate haala gehee taphachuutiin dubbisuu goonfatu | **dhageeffachuufi dubbachuu** | Barreeffama muuxannoo barataa/barattuu ibsu dhiheessuun gaaffiilee barattoonni deebisan gilgaalan dhiheessuu<br><br>Gilgaala barataan muuxannoo jireenya isaa hojmaneen barreessu taasisu qopheessuu Waliin dubbii dhiyessuu | Gaaffilee dhaggeeffannaan duraa gaafachuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan qabachiisuu Barruu qajeelcha barsiisaa keesatti dhiyaate dubbisuu<br><br>Barattoonni muuxanno jireenya isaanii kan dubbisa dhageeffataniin walfakkaatu akka barreessan taasisuu Waliin dubbii lamalaman akka dubbisan taasisuu | Gaaffilee dhaggeeffannaa duraa deebisuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan qayyabachuu Waan dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gaaffilee dhiyaatan deebisuu Barattoonni muuxannoo jireenya isaanii qopheessan dareef himuu Waliin dubbii dubbisuu | tee phi i | Wayti 3 | Barattoonni dhaggeeffachuun dura waa'ee dhaggeefachuuf deeman haalaan tilmaamuu isaanii duuka bu'uu, bakka barbaadametti deeggarsa kennuu Odeeffannoo dhageeffatan hubachuu danda'uu isaanii hordofuu, gargaarsa kennuu Barattoonni muuxannoo jireenya isaanii himuu danda'uu hordofuufi deeggaruu Gahee taphachaa dubbisuu hordofuu | Gaaffilee dhageeffachuun duraa fi boodaa deebisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu<br><br>Muuxannoo seenaa jireenya isaanii hojmaneen qopheessan dareef himuu danda'uu isaanii mirkaneessuu<br><br>Waliin dubbii sirriitti gahee taphachaa dubbisuu hordofuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii walaloo sagalee olkaasanii deebisuun dandeettii dubbisuu gonfachuu<br><br>Jechoota sagalee jabaa qaban sagaleessuu danda’uu | **Dubbisuu** | Walaloo gabaabaa Shaakalootaa adda addaa waliin dhiheessuu<br><br>Barattoonni Jechoota sagalee jabaa walii dubbisanii jala sararan dhiheessuu | Barattoonni walaloo dhihaate sagalee olkaasuun akka dubbisan kaayyoo dubbisaafi qaceelfama ifa ta’e kennuu<br>Jechoota saagalee jabaa qaban akka walii dubbisanii jala sararan dhiyeessuu | Barattoonni jechoota ciccimoo sirrummaan dubbisuu dhuunfaan shaakaluu<br><br>Jechoota dhihaatan sagaleessuu | | Wayti 2 | Barattoonni walaloo gabaabaa sirrummaan dubbisuu danda’uu isaanii hordofuufi deeggarsa gochuu<br><br>Barattoonni jechoota sagalee jabaa qaban sagaleessuu danda’uu isaanii hordofuun deeggaruu | Barattoonni walaloo sagalee olkaasanii sirrummaan dubbisuu danda’uu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kennuu<br><br>Barattoonni jechoota sagalee jabaa qaban sagaleessuu danda’uu isaanii hordofuun mirkaneessuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii mudannoo guyya guyyaa barreessuu danda'uu horachuu | **Barreessuu** | Barreeffama mudannoo guyya guyyaa nama tokkoo agarsiisu akka moodeelaatti dhiheessuu<br><br>Gilgaala barattoonni bifa fakkeenya kennameen mudannoo isaanii akka barreessan ajaju qopheessuu | fakkeenya barreeffama dhihaatee fayyadamuun mudannoon guyya guyyaan akkaataa itti barreeffamu hubachiisuu<br><br>barattoonni gochaalee guyyaa darbe keessatti raawwatan akka barreessan hojii daree kennuu | Barattoonni dhuunfaadhaan oolmaa isaanii kan guyyaa kaleessaa keeyyata tokkoon nibarreessu.<br><br>Fakkeenya hordofuun gochaalee guyyaa tokko keessatti isaan mudate barreessuu | - | Wayti 2 | Barattoonni gochaalee ykn mudannoo guyyaa tokko keessatti isaan mudate barreessuu isaanii hordofuun deeggarsa kennu | Barattoonni barreeffama mudannoo isaanii kan guyyaa tokkoo barreessuu danda'uu iaanii hojii daree sororsuun mirkaneeffachuufi duub-deebii kennuu | |
| Ogummaa jechoota hariiroo qaban walsimsiisuu danda'uu | **Fayyadama Jechootaa** | jechoota hariiroo qaban dubbisa keessaa yokiin dubbisaan alaa qopheessuu | Barattoonni jechoota hariiroo waliin qaban akka kennan qajeelchuu | Barattoonni jechoota dhiyaataniif hiika kallattii kennuu | | Wayti i 1 | Barattoonni jechoota waliin deeman kennuu danda'uu isaanii hordofuun iddoo barbaachisaa ta'etti deeggaruu | Barattoonni jechootaaf hiika kallattii kennuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kennuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii garee jechootaa maqaa, gochima, adda baasuufi hima ittiin ijaaruu danda'uu gonfachuu | **Caasluga** | maqaafi gochima fakkeenyaan dhiheessuu; jechootaafi himoota maqaafi gochima keessaa baasan gilgaalaan dhiyeessuu; maqaafi gochimaan hima ijaaruu dandeessisan dhiyeessuu. | Fakkeenya fayyadamuun maalummaa garee jechootaa akka maqaafii xumuraa ibsa gabaabaa kennuu Gilgaala dhihaate akka hojjatan qaceelchuufi deeggaruu | Barattoonni fakkeenya kenname hordofuun maqaafi gochima jechootaafi himoota keessaa adda baasuu Barattoonni maqaafi gochimoota dhiyaataniin hima ni ijaaru | | Watii 1 | Barattoonni jechootaafi himoota keessaa maqaa fii xumura adda baasuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu Barattoonni maqaafi gochimoota dhiyaataniin himoota ijaaruu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu. | Barattoonni jechootaafi himoota keessaa maqaa fi xumura hubatanii adda baasuu danda'uu isaanii gaaffii adda addaatiin mirkaneessuufi duubdeebii kennuu | |
| Dandeettii mammaaksotaaf hiika kennuu danda'uu horachuu | **Afoola** | Mammaaksota sassalphaafi beekkaman dhiheessuu | Mammaaksa tokko ykn lama akka fakkeenyyatti hojjachuun hiika itti kennuu | Barattoonni mammaaksota dhihaatan gareen mari'achaa hiika itti kennuu | | Wayti i 1 | Mammaaksota dhihaatanitti hiika kennuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu | Barattoonni mammaksotaaf hiika sirrii kennuu isaanii mirkaneessuu | |

**Boqonnaa Afur: Seenaa Dhuunfaa (Wayitii 10)**

## Bu'aalee Barachuu

**Xumura boqonnaa kanaatti, barattoonni:**

- haasawa namoota lamaa dhaggeeffatanii yaada isaa ni'ibsu;
- hiriyaa waliin, waliin dubbii nitaasisu;
- dubbisa dhiyaate callisaan dubbisuun gaaffilee hubannoo nideebisu;
- seenaa dhuunfaa isaanii nibarreessu;
- jechootaaf hiika galumsaa nikennu;
- matima, aantimaafi gochima himoota salphaa keessaa adda nibaasu;
- sheekkoo dhaggeeffatanii deebisanii nihimu.

| Ga'umsa | Qabiy yee | Haala dhiyeenyaa | Mala barachuufi barsiisuu | | MD | Yer oo | Hordoffiifi deegarsa | Madaallii | Yaa d |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ga'ee barsiisaa | Ga'ee barataa | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii Haasaa namoota lama gidduutti godhamu dhaggeeffatanii hubachuun ibsuu danda'uu gonfachuu<br><br>Dandeettii odeeffannoo dhiyaterratti cimdiin waliin dubbachuun haasawa taasisuu gonfachuu | Dhaggeeffachuufi dubbachuu | Waliin dubbii barattoota lama gidduutti waa'ee isaaniirratti godhamu dhiyeessuun, gaaffilee dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaa akka deebisaniifi gaaffilee banaafi cufaa qaban dhiyeessuu<br><br>Gaaffilee odeeffanoo waa'ee isaanii walgaafachaa haasaa cimdiinfi dabareen barattoonni haasawa taasisan dhiyeessuu | Gaaffilee dhaggeeffannaan duraa gaafachuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan qabachiisuu<br><br>Barruu qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaate dubbisuu/ waraabanii dhageessisuu<br><br>Gaaffiilee dhihaate walgaafachaa cimdiin haasawa akka taasisan qaceelchuufi deeggaruu | Gaaffilee dhaggeeffannaa duraa deebisuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan qeeyyabachuu<br><br>Haasaa dhaggeeffatanirratti hunda'uun gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu deebisuu<br><br>Gaaffilee dhaggeeffachuun boodaa deebisuu | Tape Recorder | Wayti 3 | Gaaffilee dhaggeeffachuun duraa yeroo dhageeffachuufi boodaa deebisuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu<br><br>Odeeffannoo walgaafachuu waliin haasa'uu isaanii hordofuufi deeggaruu | Gaaffilee dhageeffachuun duraa afaaniin deebisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu<br><br>Barattoonni dabareen cimdiin waliin haasa'uu danda'uu isaanii hordoffiin mirkaneessuu | |
| | | | | | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii Callisaan dubbisuun oddeeffannoo dubbisa keessaa argatan ibsuu goonfatu<br><br>Hiikaa jechootaa dubbisa keessaa tilmaamuu goonfatu | **Dubbisuu** | Dubbisa barattoonni kutaa torba baratu/ttu waa'ee ofii isaa/ishee itti seenessuu/tu dhiyeessuun barattoonni gaaffiilee dubbisuun duraa afaanii, gaaffilee yeroo dubbisuu bifa dhugaa yookiin sobaatiin gaaffilee dubbisa booda bifa filannootiin dhiyeessuu<br><br>Jechoota dubbisa keessaa bahan akka hiika isaanii tilmaaman dhiyessuu | Gaaffilee dubbisuun duraa akka deebisan taasisuu<br><br>Gaaffilee yeroo dubbisuu akka qayyabatan qajeelchuu;<br><br>Dubbisa dhiyaateef dubbisuun gaaffilee banaa ta'an akka deebisan taasisuu;<br><br>Gaaffilee filannoo kan dubbisa dhiyaate keessaa bahan dhiyeessuu | Gaaffilee dubbisuun duraa deebisuu<br><br>Gaaffilee yeroo dubbisuu dabtara isaaniitti gara galfachuu<br><br>Gaaffilee yeroo dubbisuu qophaa'an deebisuu<br><br>Gaaffilee dubbisuun booda deebisuu | | 2 | Gaaffilee dubbisuun duraa deebisuu isaanii hordofuufi deegaruu<br><br>Gaaffilee yeroo dubbisuu barreeffaman dhugaa ykn soba deebisuu danda'uu hordofuu<br><br>Gaaffilee dubbisuun boodaa deebisuu danda'uu hordofuu | Gaaffilee dubbisuun duraa deebisuu isaanii mirkaneessuu<br><br>Gaaffilee yeroo dubbisuu sirritti deebisuu isaanii mirkaneessuu<br><br>Gaaffilee dubbisuun boodaa deebisuu isaanii mirkaneessuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii mudannoo dhuunfaa ofii barreessuu danda'uu horachuu | **Barreessuu** | Barruu fakkeenya ta'uufi qajeelfamoota mudannoo dhuunfaa ofii barreessuuf gargaaraan dhiyeessuu | Barruu mudannoo nama dhuunfaa irratti ibsa gabaabaa kennuu Qajeelfama mudannoo dhunfaa barreessuuf gargaaran dhiheessuu | mudannoo dhunfaa isaanii qajeelfama kennameefi dubbisa boqonnaa kana keessatti kenname akka samudaatti fayyadamuun barreessuu | | Way itii 2 | Barattoonni mudannoo dhuunfaa isaanii qajeelfama hordofanii barreessuu danda'uu isaanii hordofuufi deegaruu | Barattoonni mudannoo dhuunfaa isaanii barreessuu danda'uu isaanii sororuun mirkaneessuuf i duubdeebii kennuu | |
| Dandeettii jechootaaf hiika galumsaa kennuu horatu | **Fayyadama Jechootaa** | Gilgaala himoota keessatti jechoota gurraacheffamaniif hiika isaanii kennuu dhiheessuu<br><br>hiika jechootaa bifa filannootiin dhiyeessuu | Fakkeenya dhiyeessuun barattoonnii deebii hiika galumsa jechootaa akka filannoo taasisuu | Jechootaaf deebii hiika galumsa jechootaa kennuu | | Way itii 1 | Barattoonni hiika jechootaa galumsa keessaa himuu danda'uu hordofuun deegaruu | Barattoonnii hiikaa jechootaa galumsa keessaa deebisu danda'uu mirkaneessuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Ogummaa akaakuu maqaafi ibsa maqaa fayyadama keessatti adda baasu horatu | **Caasuga** | Gilgaala barattoonni maqaa himoota keessaatti kennaman mqaa dhuunfaa maqaa waloo jedhanii qoqoodanitt dhiyeessuu<br><br>Gilgaala barattoonni maqi ibsa himoota keessatti kennaman hangatti, bifattiifi lakkoosatti addaa qoodan dhiyeessuu<br><br>Maqaa dhuunfaafi waloo agarsiisanitti fayyadamanii himoota barressuuf ta'an dhiyeessuu<br>Maqi ibsitoota hanga,bifaafi lakkoosa agarsiisaan fayyadamuun akka himaa barressuuf dandeessisan dhiyeessuu | Fakkeenya kennuun qajeelchuu<br><br>Fakkeenya kennuun qajeelchuu | Maqaalee hima keessatti dhiyaatan maqaa dhuunfaafi maqaa waloo jedhanii qoqooduu<br><br>Maqi ibsitoota hima keessatti kennaman hanga, bifaafi lakkoofsa agarsiisuu isaanii adda baasuu<br><br>Maqaalee kennamaniifitti fayyadamuun himoota ijaaruu<br><br>Maqi ibsitoota kennamaniifitti fayyadamuun himoota ijaaruu | | Way tii 1 | Garaagarummaa maqaa dhuunfaafi maqaa waloo hubachuu hordofuufi deegaruu<br>Maqi ibsitoota adda baasuu isaanii ilaaluun deegaruu | Maqaa dhuunfaafi waloo hubachuu mirkaneessuu<br><br>Maqi ibsitoota hanga, bifaafi lakkoosa agarsiiasan adda basuu isaanii mirkaneessuu<br><br>Maqaaleefi maqi ibsitoota kennamaniin himoota ijaaru isaanii mirkaneessuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Ogummaa sheekkoo himuu gonfachuu | Afoola | Barsiisaaf qajeelcha barsiisa keessatti sheekkoo tokko kennuufiin barsiisan erga dedeebi'ee dubbisee/tee booda afaaniin barattootatti akka himu/tu taasisuu<br><br>Gaaffilee banaa qooda fudhattoota sheekkoo ilaalichisee barattoonni yaada dhuunfaa isaanii kennuu isaan dandeechisu dhiyeessuu<br><br>Sheekkoo biroo odeeffachuun daree keessatti akka himan taasisuu | Sheekkoo otoo hin himiin dura sheekkoo himuun akka itti jalqabamuufi akka itti xumuramu barattootatti himuu<br>Gaaffilee xiinxala qooda fudhattootan walqabatan dhiyeessuu<br><br>Barattoonni akka isaan sheekkoo himan jajabeessuu | Sheekkoo himame dhaggeeffachuun dinqisiifachuu<br><br>Gaaffilee qooda fudhattoota irratti xiyyeeffatan deebisuu<br><br>Sheekkoo dhuunfaa isaanii akka himan gargaaruu | | 1 | Barattoonni sheekkoo himama jiru hordofaa jiraachuu hordofuufi deegaruu<br><br>Sheekkoo qopheeffachu u isaanii hordofuufi deegaruu | Sheekkoo himame dhaggeeffatan ii hubachuu isaanii mirkaneessuu<br><br>Qooda fudhattoota sheekkoo xiinxaluu mirkaneessuu<br><br>Sheekkoo akkaata sirrii ta'een himuu isaanii mirkaneessuu | |

**Boqonnaa Shan: Durdurii ayitii 8)**

**Bu’aalee barachuu**

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- ergaa sheekkoo dhiyaatee adda nibaafatu;;
- Sheekkoo dhiyaate dhggeeffachuun ergaa isaa nihimu;
- gaaffilee hubannoo sassalphaa dubbisa keessaa ba’an nideebisu;
- xalaayaa dhuunfaa firaaf/hiriyaaf nibarreessu;
- jechoota hariiroo qaban waliin barbaaduun hiika nikkennu;
- gaalee maqaafi gochimaa adda nibaasu;
- Caaccuulee asoosamaa adda nibaasu;

| **Ga’umsa** | **Qabi yyee** | **Haala dhiyeenyaa** | **Mala barachuufi barsiisuu** | | **M D** | **Yero o** | **Hordoffiifi deegarsa** | **Madaallii** | **Yaa d** |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | **Ga’ee barsiisaa** | **Ga’ee barataa** | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii sheekkoo dhiyaate dhaggeeffatanii hubachuu danda'uu horachuu<br><br>Sheekkoo walitti himuu danda'u | **Dhaggeeffachuufi Dubbachuu** | sheekkoo dhggeeffannaa i gilgaala waliin dhiheessuu | Gaaffilee dhaggeeffannaan duraa gaafachuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan qabachiisuu<br><br>Barattoonni sheekkoo beekan cimdiin akka walitti himan ajajan taasisuu | Gaaffilee dhaggeeffannaa duraa deebisuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan qayyabachuu;<br><br>barattoonni cimdiidhaan dabareen nidhiyeessu | Te ep hii | Wayti 2 | Barattoonni qajeelfama dhageeffatan hojiin agarsiisuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu | Barattoonni Gilgaala dhageeffan hojiin agarsiisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu<br><br>Barattoonni Sheekkoo ofii qopheessanii walitti himuu danda'uu isaanii haala adda addaatiin mirkaneessuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii dubbisanii gaaffilee hubannoo sassalphaa deebisuu danda'uu horachuu<br><br>Jechoota birsaga sadiifi isaa olqaban adda qooduufi walitti makuun dubbisuu danda'uu | **dubbisuu** | Dubbisa sheekkoo dhiheessuu Gilgaala gaaffilee dubbisuun duraa, yeroo dubbisuufi dubbisuun boodaa akka deebisan taasisu qopheessuu<br><br>Jechoota birsaga sadii ol qaban 5-6 dhiheessuu | Barattoonni gaaffilee dubbisuun duraa akka deebisan gochuu Cal'isaan akka dubbisaniifi gaaffilee yeroo dubbisuufi dubbisuun boodaa akka deebisan qajeelchuu Fakkeenya kennuun jechoota birsagatti qooduufi makuun akka dubbisan taasisuu | Barattoonni gaaffilee dubbisuun duraa, yeroo dubbisuufi dubbisuun boodaa deebisuu, dhuunfaadhaan cal'isanii dubbisuun yaada ijoo baasuu<br><br>Jechoota birsagatti qoqqooduufi walitti makuu | | Wayti i 2 | Barattoonni dhuunfaadhaan callisaan dubbisaa yaada ijoo baasuu danda'uu isaanii hordofuun deeggarsa gochuu<br><br>Jechoota birsaga sadiifi isaa ol qaban adda qooduufi walitti makuu danda'uu barattootaa hordofuufi deeggaruu | Barattoonni yaada ijoo dubbisichaa adda baasuu isaanii Gaaffilee adda addaa gaafachuun mirkaneeffachuun duub-deebii kennuu<br><br>Jechoota birsaga sadiifi isaa ol qaban adda qooduufi walitti makuun dubbisuu danda'uu mirkaneessuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii xalayaa dhuunfaa hiriyaaf yookiin maatiif barreessuu danda'uu gonfachuu | **barreessuu** | Xalayaa hiriyaaf ykn maatiif barreeffame akka fakkeenyaatti dhiheessuu; Gilgaala qaamota xalayaa adda addaa hubachiisu xalayaa dhihaaterraa qopheessuu; Gilgaala hojmaneen barattoonni xalayaa dhuunfaa firaaf barreessan taasisu dhiheessuu | Xalayaa akka fakkeenyaatti dhihaate fayyadamuun waa'ee xalayaa dhuunfaa barreessuu hubannoo kennuu; Gilgaala dhihaate akka hojattan hojii daree kennuun qaceelchuu; Hojii manee kennuun xalayaa dhuunfaa firaaf akka barreessan gochuu | Akkaataa barreeffama xalayaa dhunfaa irratti hobannoo argatan irratti hundaa'uun gilaala dhiyaate hojjachuu;<br><br>Xalayaa dhuunfaa firaaf ykn hiriyaaf barreessuu | | Wayti i 2 | Waa'ee xalayaa dhunfaa hubachuu isaanii hordofuufi deeggaruu;<br><br>Xalayaa dhuunfaa hiriyaaf ykn maatiif baarreessuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Barattoonni waa'ee Xalayaa dhuunfaa hubannoo argachuu isaanii gaaffii afaaiin mirkaneeessuu;<br><br>Barattoonni xalayaa dhuunfaa hiriyaaf ykn maatiif baarreessuu danda'uu isaanii hojmanee isaanii ilaaluun mirkaneessuufi duubdeebii kennuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii jechoota waliin deeman waliin barbaaduun hiika itti kennuu danda'uu horachuu | **Fayyadama Jechootaa** | Caatoo qopheessuun jecha bu'uuraa walakkaa caatoo kaa'uun; Gilgaala bifa gabateen qopheessuun hiika jechoota hariiroo qabaniifii hiika isaanii toora lamaan akka itti barreessaniif qopheessuu | Fakkeenya kennuun akkaataa caatoon jechoota hariiroo qabaniin itti guutamu agarsiisuu;<br><br>Barattoonni jechoota waliin barbaadaniif hiika akka kennan taasisuu | Fakkeenya barsiisaan kenne irratti hundaa'uun caatoo guutuu;<br><br>Jechoota waliin deeman waliin barbaadanii hiika kennuu | | Wayti i 1 | Barattoonni jechoota waliin deeman waliin barbaadun caatoo guutuu hiika itti kennuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu | Barattoonni jechoota waliin deeman waliin barbaadun caatoo guutanii jechootaaf hiika kennuu danda'uu isaanii mirkaneessuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Gaalee maqaafi gochimaa adda baasuu danda’uu | **Caasluga** | Gaalee maqaafi gochimaa walkeessa makuun dhiheessuu;<br><br>gaalee maqaafii xumuraa adda baasuuf kan oolu himoota gilgaalaan dhiheessuu | Fakkeenya kennuun waa’ee gaalee maqaafi gochimaaa ibsa gabaabaa kennuu;<br><br>maqaafi gochimaa himoota keessaa jala sararuun gareen mari’achaa akka adda baasan qajeeelchuu | Gaalee maqaafi gochimaa hubannoo argatan irratti hundaa’uun himoota keessaa adda baasuu | | | Barattoonni gaalee maqaafi xumuraa himoota keessaa adda baasuu danda’uu isaanii hordofuun deeggaruu | Barattoonni gaalee maqaafi xumuraa hubachuu danda’uu isaanii gaaffii gaafachuun mirkaneessuu;<br>Barattoonni gaalee maqaafi xumuraa himoota keessaa adda baasuu danda’uu isaanii hojii daree kennuun mirkaneessuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii asoosama keessaa caaccullee adda baasuu gonfachuu | **Ogbarruu** | Asoosama gabaabaa barattoonni caaccuulee keessaa baasan dhiheessuu ;<br><br>Gilgaala caaccuulee asoosama dhihaate keessaa baasuuf gargaaru qopheessuu | Asoosama dhihaate barattoonni akka dubbisan taasisuu;<br><br>Gilgaala dhihaate keessaa caaccuulee asoosoma tokko akka fakkeenyaatti adda baasuu | Fakkeenya hordofuun caaccuulee asoosamaa kan akka yoomessa jaargochaafi kkf adda baasu | | Wayti i 1 | Barattoonni asoosama dhihaate keessaa caaccuulee adda baasuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu | Barattoonni asoosama dhihaate keessaa caaccuulee adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneessuu | |

**Boqonnaa Jaha: Nyaatafi dhugaatii qopheessuu (Wayitii 10)**

## Bu'aalee Barachuu

**Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti, barattoonni:**

- Barruu dubbifamuuf dhaggeeffachuun gaaffilee dhiyaatan nideebisu ;
- Akkaata wanti tokko itti qophaa'urratti qajeelfama nikennu;
- Dubbisa dhiyaate callisaan dubbisuun gaaffilee nideebisu;
- Mata duree kennameef fayyadamuun keeyyata ni barreessu;
- Hundee jechootaa kennaman fayyadamuun jechoota nihorsiisu;

- Jechootaaf  hiika walfakkaata ni kennu;
- Akaakuu maqaafi maqibsaa  fayyadamamuun hima ni'ijaaru;
- Adeemsa hiibboon itti taphatamu eeguun hiibboo nitaphatu.

| Ga'umsa | Qabiy yee | Haala dhiyeenyaa | Mala barachuufi barsiisuu | | MD | Yeroo | Hordoffiifi deegarsa | Madaallii | Yaad |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ga'ee barsiisaa | Ga'ee barataa | | | | | |
| Barreeffama qajeelfamaa dhageeffachuun jechoota dhagahan adda baasuu nihoratu<br><br>Dandeettii qajeelfamoota wanti tokko fkn nyaanni itti qopha'uu Himuu horatu | Dhaggeeffachuufi dubbachuu | Barruu qajeelfama akkaataa waan tokko itti qophaa'u kennu: Fkn dhugaatii ykn nyaata dhiyeessuun barattootaaf gilgaala dhaggeeffachuun duraa, boodaafi yeroo dhaggeffachuu qopheessuun dhiyeessuu<br><br>Gaaffii akka barattoonni qajeelfama kennuu isaan dandeechisu tokko dhiyeessuu | Gaaffilee dhaggeeffannaan duraa gaafachuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan qabachiisuu<br><br>Barruu qajeelcha barsiisaa keesatti dhiyaate dubbisuu<br><br>Nyaanni yookiin dhugaatiin beekan tokko akkamitti akka qophaa'u akka qajeelfama  keenan gaafachuu | Gaaffilee dhaggeeffachuun duraa deebisuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan dabtara isaaniirratti barreeffachuu<br><br>Qajeelfama dubbifamu dhaggeeffachaa meeshalee manaa maqaan isaanii tuqame filachuun jala sararuu<br>Nyaanni yookiin dhugaatiin isaan beekan tokko akka itti qophaa'urratti qajeelfama kennuu | | Waytii 3 | Gaaffilee dhaggeeffachuun duraa deebisuu isaanii hordofuufi deeggaruu<br><br>Gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu barreeffachuu isaanii mirkaneessuu<br><br>Maqaa meeshalee manaa dhagahanii jala sararuu isaanii hordofuufi deegaruu<br>Akkaata nyaanni yookiin dhugaatiin itti qopha'u himuu isaanii mirkanessuu | Gaaffilee dhageeffachuun duraa deebisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu<br><br>Meeshalee manaa maqaa isaanii dhagahan tarreessuu isaanii  mirkaneessuu<br><br>Qajeelfama kennuu danda'uu isaanii mirkaneessuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii dubbisanii ergaa callaafi dimshaashaa hubachuu gonfachuu<br><br>Jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika galumsa kennu goonfatu | **Dubbisuu** | Barreeffama adeemsa nyaanni itti qophaa'u agarsiisu Dhiyeessuu;<br><br>Gilgaala dubbisa duraafi boodaa barreeffamaafi dhugaafi sabaan deebifamu qopheessuu<br><br>Bifa firoomsuutiin hiika jechootaa dhiyessuu | Gaaffilee dubbisuun duraa akka deebisan taasisuu;<br><br>Gaaffilee yeroo dubbisuu akka qayyabatan qajeelchuu;<br><br>Dubbisa dhiyaateef dubbisuun gaaffiilee banaa ta'an akka deebisan taasisuu<br><br>Dubbisa keessaa hiika jechoota kennamanii barbaadan taasisuu dhiyeessuu | Gaaffilee dubbisuun duraa deebisuu;<br><br>Gaaffilee yeroo dubbisuu dabtara isaaniitti gara galfachuun qophaa'uu;<br><br>Gaaffilee yeroo dubbisuu sasalphaa barreeffaman deebisuu<br><br>Gaaffilee dubbisuun booda deebisuu | | 2 | Gaaffilee dubbisuun duraa deebisuu isaanii hordofuufi deegaruu;<br><br>Gaaffilee yeroo dubbisuu dabtara isaaniirratti barreeffachuu hordofuufi deegaruu;<br><br>Gaaffilee dubbisuun boodaa deebisuu isaanii hordofuufi deegaruu<br><br>Gaaffilee dubbisuun boodaa deebisuu isaanii hordofuun deegaruu | Gaaffilee dubbisuun duraa deebisuu isaanii mirkaneessuu;<br><br>Gaaffilee yeroo dubbisuu sirritti deebisuu isaanii mirkaneessuu;<br><br>Gaaffilee dubbisuun boodaa deebisuu isaanii mirkaneessuu | |
| Dandeettii mata duree kenname irratti keeyyata barreessuu gonfatu | **Barreessuu** | Mataduree barattoonni keeyyata iraatti barreessan dhiyeessuu | Gumeefi saamuda keeyyata dhiyatee xiinxaluu;<br>Mata duree kennamerrattiakka gumee qopheeffatanii keeyyata barreessan qajeelchuu | Gumeefi saamuda keeyyata dhiyaatee xiinxaluu;<br>mata duree kennamerratti gumee qopheeffachuu;<br>keeyyata mataa ofii ijaaruu | | 2 | Adeemsa keeyyata ijaaruu keessa darban hubachuu isaanii mirkaneeffachuu akkasumas deegarsa barbaachisu kennuu | Barattoonnii keeyyata adeemsa gumee qopheessanii barreessuu keessa darbuu mirkaneessuu | |
| Dandeettii jechoota horsiisuu danda'uu horachuu | **Fayyadama Jechootaa** | Gilgaala barattoonni hundee jechoota irraa jechoota horsiisuu dandeessisan dhiyeessuu | Fakkeenya dhiyeessuun barattoonni hundee jechootarraa akka horsiisan qajeelchuu | Fakkeenya dhiyeessuun barattoonni hundee jechootarraa jechoota akka horsiisan qajeelchuu | | 1 | Barattoonni hundee jechootarra akkamitti akka jechoota horsiisuu danda'an hubachuu isaanii hordofuun deegaruu | Barattoonni hundee jechootarraa jechoota horsiisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii matima, aantimaafi gochima hima salphaa keessaa adda baasuu danda'uu horachuu | **Caasluga** | Gilgaalota himoota sassalphaa qaban qopheessuun karaa adda addaatiin dhiheessuu | Fakkeenya kennuun maalummaa matimaa, aantimaafi gochimaa hubannoo kennuu<br><br>Gilgaala dhihaate akka hojjatan qaceelchuufi deeggaruu | Barattoonni hubannoo argatan irratti hundaa'uun matima, aantimaafi gochima himoota keessaa jala sararuun adda baasuu | | 1 | Barattoonni himooota dhihaatan keessaa matima, aantimaafi gochima adda baasuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | Barattoonni himooota dhihaatan keessaa matima, aantimaafi gochima adda baasuu danda'uu isaanii hordofuun deeggaruu | |
| Ogummaa hibboo taphachuu goonfachuu danda'u | **Afoola** | Akkaataa hiibbon Afaan Oromoo keessatti itti taphatamu; waliin-dubbii keessatti dhiyeessuu<br><br>Barattoonni gilgaala fakkeenya waliin dubbii keessatti kenname hordoofuun hiibboo lama lamaan akka taphachuu danda'an taasisu dhiyeessuu | Hiibboo afaan Oromoo barattoota gaafachuun fakkeenya kennuu;<br><br>Barattoonni deebii hibboo yoo hinbeekne ta'e, akka hin arrabsamneef maal akka jedhan itti himuu;<br><br>Barattoonnii hiibboo lama lamaan ta'uun akka taphatan qajeelchuu | Hiibboo barsiisaan gaafateef/tteef deebii kennuuf yaaluu<br><br>Hiibboo lama lama ta'uun daree keessatti taphachuu | | 1 | Akka itti hiibboo taphatan hubachuu isaanii hordoofuun deeggaruu | Hiibboo taphachuu danda'uu isaanii mirkaneessuu<br><br>Hiibboo adeemsa sirrii hordofanii taphachuu isaanii mirkaneessuu | |

**Boqonnaa Torba: Falmii (Wayitii 10)**

**Bu’aalee barachuu**

**Xumura boqonnaa kanaatti, barattoonni:**

- Falmii gaggeeffame dhaggeeffatanii yaadasaa ni’ibsu;
- Dubbisa dubbisuun yaada dimshaashaafi callaa nihimu;
- Keeyyata gabaabaa nibarreessu;
- Maxxantoota fayyadamuun jechoota horsiisu;
- Lakkoofsaafi kornaya hima keessatti wal nisimsiisuu.

| Ga’umsa | Qabiy yee | Haala dhiyeenyaa | Mala barachuufi barsiisuu | | M D | Yero o | Hordoffiifi deegarsa | Madaallii | Yaa d |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ga’ee barsiisaa | Ga’ee barataa | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii falmii/haasawa namootaa dhaggeeffatanii yaadasaa ibsuu danda'uu horachuu | **Dhageeffachuufi Dubbachuu** | Falmii ykn haasawa barattoota lama jiddutti waa'ee dhukkuba koronnaa irratti yokiin dhimma barnoota isaanii irratti taasifamu barreefamaan ykn sagaleen waraabanii dhiheessuu | Gaaffilee dhaggeeffannaan duraa gaafachuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan qabachiisuu<br><br>Barruu falmii/haasawa barrattootaaf dubbisuu;<br><br>Gareen yaada falmii irraa dhaga'an akka walitti himan qajeelchuu | Gaaffilee dhaggeeffachuuf deebiii kennuu<br><br>Yaada falmii yokiin haasawa barattootaa gareen walii ibsuu | tee phi i | Wayti 3 | Barattoonni Yaada falmii ykn haasawa dhageeffatanii hubatanii waliif ibsuu danda'uu isaanii hordofuun bakka barbaachisaa ta'etti deeggarsa kennuu | Barattoonni Falmii ykn haasawa dhageeffatanii yaadasaa ibsuu danda'uu isaanii<br><br>Mirkaneessuufi duubdeebii kennuu | |
| | | | | | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii barreeffama addeessaa dubbisuun yaada dimshaashaafii callaa hubachuu danda’uu gonfachuu | **Dubbisuu** | Dubbisa gaggabaabaa dhiheessuu<br>Gilgaala dubbisuun duraa gaaffiilee afaaniin deebisan qabu, shaakala yeroo dubbisuu bifa iddoo duwwaatiin akkasumas shaakala dubbisuun boodaa bifa dhugaa sobaafi filannoon yaada dimshaashaafi calla hubachuu argisiisu | Barattoonni gaaffilee dubbisuun duraa akka deebisan gochuu<br>Dubbisa<br>Cal’isaan akka dubbisan qajeelchuu<br>gaaffilee yeroo dubbisuu dubbisuun akka deebisan qajeelchuu<br>gaaffilee dubbisuu boodaa hojmanee kennuu | Barattoonni gaaffilee dubbisuun duraa afaaniin deebisuu<br>cal’isan dubbisaa gaaffilee yeroo dubbisuu barreeffamaan dubbisuufi shaakala boodaa deebisuu, dhuunfaadhaan yaada ijoo baasuu | | Wayti i 2 | Barattoonni dubbisa callisaan dubbisanii yaada dimshaashaafi callaa hubachuu danda’uu isaanii hordofuun deeggarsa gochuu | Barattoonni dubbisa callisaan dubbisanii yaada dimshaashaafi callaa hubachuu danda’uu isaanii gaaffilee afaanii gaafachuun akkasumas hojmanee isaanii sororsuun mirkaneessuun duubdeebii kennuu | |
| | | dhiheessuu | | | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii keeyyata ibsaa barreessuu gabbifachuu danda'uu | **Barreessuu** | keeyyata ibsaa salphaafi gabaabaa jalqabame dhiheessuu | Barreeffama dhihaate bu'uura gochachuun waa'ee ijaarsa barreeffamaa keeyyata ibsa gabaabaa kennuun hubannoo uumuu<br><br>Barreeffama walfakkaataa akka ijaaran hojmanee qajeelchuu | Barattoonni hubannoo uumameefi barreeffama dhihaate fakkeenya godhachuun keeyyata ibsaa ni ijaaruu | | Wayti i 2 | Barattoonni keeyyata ibsaa barreessuu danda'uu isaanii, qaceelchuu, hordofuufi deeggaruu | Barattoonni keeyyanni ibsaa maal akka ta'e hunbachuu isaanii gaaffii adda addaa gaafachuun mirkaneessuu<br><br>Barattoonni keeyyata jalqabame xumuruu danda'uu isaanii, hojii daree sororsuun mirkaneessuufi duubdeebii kennuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Maxxantoota jechootatti maxxansuun jechoota haaraa uumuu danda’uu | **Fayyadama Jechootaa** | Maxxantoota duraafi boodaa sanduuqa keessatti tarreessuu<br><br>Itti aansee gilgaala jechoota akaakuu adda addaa qabu tarreessuun dhiheessuu | Fakkeenya kennuun maxxantuu jechootatti maxxanuun jecha uumuun agarsiisuu<br><br>Fakkeenya hordofuun gilgaala dhihaate dhuunfaan akka hojjatan qajeelchuu | Maxxantoota sanduuqa keessatti dhihaatan keessaa kanneen jechoota dhihaatee waliin deeman filanii jechootatti maxxansuun jechoota haaraa uumuu | | Wayti i 2 | Barattoonni maxxantoota duraafi boodaa jechootatti maxxansuun jechoota haaraa uumuu danda’uu isaanii hordofuufi deeggaruu | Barattoonni maxxantoota duraafi boodaa jechootatti maxxansuun jechoota haaraa uumuu danda’uu isaanii gilgaala hojjatan daawwachuun mirkaneessuufi duubdeebii kennuu | |
| | | | | | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| caashima keessatti dandeettii lakkoofsaafi koornayaa walsimsiisuu danda'uu horachuu | **Caasluga** | Gilgaala lama tokko kan himoota dogongora lakkoofsaa qabaniifi, tokko ammo kan himoota dogongora walsimuu dhabuu koorniyaa qabu dhiheessuu | Himoota lama kan dogongora lakkoofsaafi koorniyaa qaban akka Fakkeenyaatti sirreessuun agarsiisuu<br><br>Gilgaala akka hojjatan qaceelchuu | Barattoonni fakkeenya barsiisaan kenne hordofuun himoota dogongora lakkoofsaafi koorniyaa qaban cimdiin mari'achaa sirreessuu | | Wayti i 1 | Barattoonni himoota dogongora lakkoofsaafi koorniyaa qaban sirreessuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu | Barattoonni himoota dogongora lakkoofsaafi koorniyaa qaban sirreessuu danda'uu isaanii hojii daree sirreessuun mirkaneessuufi duubdeebii kennuu | |

**Boqonnaa saddeet: Tekinooloojiitti Fayyadamuu (Wayitii 8)**

## Bu'aalee Barachuu

**Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:**

- Barruu dubbifamuuf dhaggeeffachuun gaaffilee nideebisu;
- Odeeffannoo dhaggeeffataniin walqabsiisuun yaada dhuunfaa isaanii afaniin nikennu;
- Dubbisa gabaabaa ga'umsaan nidubbisu;
- Waliin dubbii dhiyaate haala sirrii ta'een nidubbisu;
- Jechoota hiika isaanii waliin walitti nifiroomsu;
- Jechoota hiika faallaa isaaniitiin walitti nifiroomsu;
- Himoota wlkeessa makaman qindeessuun keeyyata nibarreessu;
- Mudannoo mataa isaanii barreessuun nidhiyeessu;
- Him a salphaafi dacha adda nibaasu;
- sagalee ol kaasuun walaloo nidubbisuu.

| Ga'umsa | Qabiy yee | Haala dhiyeenyaa | Mala barachuufi barsiisuu | | M D | Yeroo | Hordoffiifi deegarsa | Madaallii | Yaad |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Ga'ee barsiisaa | Ga'ee barataa | | | | | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii odeeffannoo dhaggeeffatanii argatan ibsuu gonfatu<br><br>Odeeffannoo dhaggeeffatanirratti yaada dhunfaa isaanii kennuu gonfatu Waliin dubbii dubbisuu goonfatu | **Dhaggeeffachuufi dubbachuu** | Gaaffilee dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun booda cufaafii banaa ta'an dhiyeessuu<br><br>Gaaffilee banaa barattoonni yaada dhuunfaa kennuu dandeechisan dhiyeessuu<br>Jechoota waliin dubbi keessaa bahan akka himan gochuu | Gaaffilee dhaggeeffannaan duraa gaafachuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan qabachiisuu<br><br>Barruu qajeelcha barsiisaa keesatti dhiyaate dubbisuu<br><br>Odeeffannoo barruu keessatti dhaggeefataniin walqabsiisun yaada dhuunfaa isaanii akka kennan qajeelchuu<br>Hiika jechoota akka walitti firomsan gafachuu | Gaaffilee dhaggeeffannaa duraa deebisuu<br><br>Gaaffilee dhageeffachaa deebisan qeeyyabachuu<br><br>Odeeffannoo hanqate dhaggeeffachaa guutuu (iddoo duwwaa ykn gabatee)<br>Yaada dhuunfaa barruu dhiyaateen walqabate kennuu | Tap e Rec ord er | Wayti 3 | Gaaffilee dhaggeeffachuun duraa deebisuu isaanii hordofuufi deeggaruu<br><br>Gaaffilee yeroo dhaggeeffachuu barreeffachuu isaanii mirkaneessuu | Gaaffilee dhageeffachuun duraa deebisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu<br><br>Odeeffannoo hanqate iddoo duwwaarratti guutuu isaanii mirkaneessuu<br><br>Yaada dhuunfaa isaanii kennuu mirkaneessuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii gahumsaan dubbisuu danda'uu horachuu<br><br>Jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika faallaafi galumsaa kennuu nigoonfatu | **Dubbisuu** | Gaaffilee dubbisaan duraa afaaniin deebisan qopheessuu<br><br>mataduree mobayilii jedhu irratti keeyyata gabaabaa tokko dhiheessuu<br><br>Bifa walitti faallaafi galumsaa dhiyeessuujechoota dhiyessuu | Barattoonni muuxannoo mata dureerratti qaban akka yaadatan jajabeessuu<br><br>keeyyata dhihaate saffisaafi sirrummaan akka dubbisan taasisuu<br><br>Dubbisa dhiyaateef dubbisuun gaaffilee hubannoo waliigalaa gaafatan akka deebisan qajeelchuu<br><br>Jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiikaa jechoonni bakka bu'aniifi faallaa akka kennan qajeelchuu | Muuxannoo mata dureerratti qaban himuun gilgaala dubbisuun duraa deebisuu<br><br>Gaaffilee hubannoo barreeffama keessaa bahan deebisuu<br><br>Dubbisuun booda jechoonni tokko tokko dubbisa keessatti akk maal bakka bu'an deebisuu.<br><br>Hiikaa galumsaafi faallaa jechoota dubbisa keessaa bahanii dhiyaataniif deebii barbaaduu | | 2 | Shaakala dubbisaan duraa afaaniin deebisuu danda'uu isaanii hordofuufi deeggaruu<br><br>Gaaffilee duubbisa dhiiyaatee keessaa bahan deebisuu danda'uu isaanii hordofuun deegaruu<br><br>Gaaffilee dubbisuun boodaa deebisuu isaanii hordofuun deegaruu<br><br>Jechoonni dubbisa keessatti waan bakka bu'aniifi hiika faallaa akka barbadaniif deegaruu | Barattoonni dubbisaa dhiyaate keessaa gaaffilee bahan deebisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dandeettii Keeyyata seeneesssa barressuu horachuu<br><br>Muudannoo isaaniirratti keeyyata barreessuu horatu | **Barreessuu** | himootaa keeyyataa seenessaa ta'ee walmakee qophaa'e dhiyeessuu | Himoota walmakanii dhiyeessuu<br><br>Keeyyata himoonni walmakanii dhiyaatan qopheessuu | Himoota walmakanii dhiyaatan tartiiba isaanii sirressuun keeyyata ergaa guutu qabu ijaaruu<br><br>keeyyata seenessaa muudannoo isaaniirratti bareessuu | | Wayiti i 2 | Adeemsa keeyyata ijaaruu keessa darban hubachuu isaanii mirkaneeffachuu akkasumas deegarsa barbachisu kennuu | Barattoonnii keeyyata adeemsa gumee qopheessanii barreessuu keessa darbuu mirkaneessuu<br><br>Barattoonnni muudannoo isaaniirratti keeyyata bareesuu isaanii mirkaneessuu | |
| Hiikaa jechootaa hima keessatti kennamanii ntilmamuu horatu. | **Fayyadama Jechootaa** | Jechootaa gaaffilee bifa adda addaa qabanii keessatti dhiyeessuu | Akkaata gaafatameen deebii sirrii hiikaa jechootaa akka kennan taasisuu | Jechootaa akkata gaaffatamaniin akka hiikaa isaanii tilmaamanii deebisan gochuu | | Wayiti i 1 | Barattoonni hiikaa jechootaa akkkaata adda addaan gaaffatamanii deebisuu danda'uu isaanii hordofuun deegaruu. | Barattoonni hiikaa jechootaa akkkaata adda addaan gaaffatamanii deebisuu danda'uu isaanii hordofuun mirkaneessuu | |
| Dandeettii himoota salphafi himoota dacha adda baasuu gonfachuu | **Caasluga** | Gilgaaloota himoota salphaafi himoota dacha addaan baasuu dandeechisan dhiyeessuu ;gilgaaloota barattoonni akka himoota salphaafi dachaa barreessan afeeruu dhiyeessuu | Gaaffiilee barattoota himoota salphaafi dacha adda baasuu dandeessisan gaafachuu fi qajeelchuu | Himoota dachaafi himoota salphaa adda baasuuf yaaluu | | Waytii 1 | Barattoonni garaagarummaa himoota salphaafi dachaaakka adda baasan hordofuufi deegaruu | Himoota salphaafi dachaa adda baasuu danda'uu mirkaneessuu | |

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Ogummaa og walaloo sagalee baasuun dubbisuu ni goonfatu; Hiikaa jechootaa walaloo keessaa bahanii tilmamuu nigonfatu; Walaloo barreessu danda’uu nigabbifatu | **Ogbarruu** | Og walaloo gagabaabaa sadi dhiyeessuu<br><br>Gaaffilee walaloo keessaa bahan dhiyessuu;<br><br>Walaloo barreessuu | Og walaloo tokko akka fakkeenyatti dubbisuun barattonni daree keessatti sagaleessanii akka dubbisan afeeruu<br><br>Walaloo dhiyaate irra deebiin dubbisuun gaaffilee dhiyaatan akka deebisan afeeruu | Og walaloo sagalee olkaasanii dubbisuu<br><br>Walaloo nibarreessu | | 1 | Og walaloo sagalee olkasanii dubbisuu isaanii hordofuufi deegaruu<br><br>Walaloo barreessuu danda’uu isaanii adda baafchuun deeggaruufi duubdeebii kennuu | Og walaloo sagalee sirriin dubbisuu isaanii mirkaneessuu<br>Walaloo barreessuu danda’uu isaanii mirkaneessuu | |